



Qajeelfama Gabaabaa Islaamummaa Jalqabdootaaf

Karoora barnoota kutaatti
Muslima haarawaaf



مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com



Qajeelfama Gabaabaa Islaamummaa Jalqabdootaaf

Karoora barnoota Muslima haarawaaf



ح) جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة ، 1447 هـ

أصول ، مركز

الوجيز: تعليم صفي للمسلم الجديد باللغة الأوروبية. / مركز
أصول - ط 1. - الرياض ، 1447 هـ

124 ص ؛ 21 x 29.7 سم

رقم الإيداع: 1447/6412
ردمك: 978-603-8545-18-8



- Wiirtuchi maxxansa kana kan qopeessee fi bocedha
- Madda isaatti akeekuu fi barreeffamicha irratti jijjiirraa gochuu irraa of eeguu waliin Karaa kamiinuu maxxansa kana maxxansuu fi raabsuuf wiirtuchi carraa kenna.
- Yeroo maxxanfamutti ulaagaaa qulqullinaa isii wiirtuun usuulaa irratti hundaalu eeggachuun dirqama.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

**Maqaa Rabbii mararfataa akkaan rahmata
godhaa taheetiin (jalqaba).**

Duree

Galanni hundi kan Rabbii islaamummatti nuqajeelcheeti. Kan karaa nagayaa nuqajeelche. Nabi muhammadiin caalaa ilma namaa kan nuuf erge. Nagayaaf rahmanni Rabbii irratti haabu'u.

Itti aansuun: -

Kitaaba islaamummaa beeysisu kan yeroo siif dhiheessinu gammachuutu nutti dhagayama.

Kitaabni kuni dirqamoota islaamaa tan barnootaatiifii tan hojii siif ibsa. Diinkee islaamummaa barurratti sigargaara. Ibaadaa islaamaa dhaaburratti sigargaara.

Kitaabni kuni wanni inni siif dhiheessu:

1. ibsa gabaabaa waayee diin islaam, matadureewwan jajjaboo isaa.
2. ibsa waayee qur'aanaa akka waliigalaatti, tafsiiira suuraalee gabaaboo garii.
3. ibsa gabaabaa ibaadaalee dirqama tahanii.
4. ibsa gabaabaa hojiiwwani aadaaleefii naamusootaa islaama keessatti.

Kutaaleen isaa barnoota isa jala jiru karooraan qoodame. Kutaan tokko barnoota guyyaa jahaa ufkeessaa qaba.

Barnoonni hundi yeroon isaa ibsamee jira. Kitaabdichi Gochaalee fi shaakala Musliima haaraan odeeffannoo sammuutti qabachuu fi hubachuuf gargaaran hedduu kan of keessatti hammate yoo ta'u, kana malees gaaffilee madaallii dhuma kutaa barnootaa tokkoon tokkoon isaanii irratti dhiyaatan. Barataan hangam akka barnoota hubate akka ufmadaaluuf jecha.

Koorsiichi unkaalee hedduu kan of keessatti hammate yoo ta'u, isaanis adeemsa barnootaa Musliima haaraa fooyyessuuf gumaachuuf kan yaadaman yoo ta'u, akkasumas koorsii kana akka hubatu gargaaruuf kan yaadaman yoo ta'u, akka armaan gadiitti:

Halluun kuni qabxiin tuni yachistuu tahuu ibsa. Dhuma barnootaatti gaafiin isirraa dhufuun nimala.



Yaadannoo kun hiikaa fi ibsa jecha barreeffamicha keessatti mul'atu agarsiisa.

Mariyadhu



Keewwatni kun mata duree marii barsiisaa fi barataan gidduutti taasifamu kan agarsiisu yoo ta'u, mata dureen isaas dandeettii barataan yaaduu fi sababeeffachuu guddisuuf kan akeekedha.



Hubannoo dabalataa

Qabiyyee barnootaa kan mataduree barnootaa cimsu. Qopheessaan wirtuu osool.



Shaakala

Gocha leenjii yaaduu, hir'isuu ykn sammuutti qabachuu irratti hundaa'e of keessaa qaba.

Akkam jirtu бага nagayaan gara imala barnootaa nama gammachiisu kanaaf dhuftan.

Karoora barnootaa

Daree	Keewwata	Yeroo
Guyyaa duraa		
Daree duraa	Duree 1. Walbaruufii yaadachiisa 2. Gaaffilee jireenyummaa: (nuti eenyu? Eessatti deemna?) 3. Qananii qajeellummaa.	Daqiiqaa 10
	Islaamummaa 1. Islaamni maali? 2. Maaliifin islaamawa? 3. Islaamummaan addunyaafii. 4. Islaamummaan waan isa dura dabre baleessarraf namarraa haqa. 5. Islaamni amantii xumuraati. 6. Nabiyyummaa nabi Muhammad. 7. Madaallii walcaalinsaa islaama keessatti. 8. Amantaa barachuu bu'ura islaamaa.	Daqiiqaa 30
	Akkamitti islaamawa? 1. Ragaabahuu lameen. 2. Hiikkaa raga bahu lameenii 3. Waan raga bahuun lameen qabsiistu.	Daqiiqaa 20
Boqannaa		
Daree lammaffaa	Akkamitti wadda'adha? (hojii).	Daqiiqaa 20
	Akkamitti salaata? (hojii).	Daqiiqaa 20
	Suuraa faatihaa haffazuufii hiikkaa isii baruu.	Daqiiqaa 20

Xiinxalla guyyaa duraa



Daree	Keewwata	Yeroo
Guyyaa lammaffaa		
Daree duraa	Imaanni maali? Utubaalee imaanaa: 1. Rabbitti amanuu 2. Malaaykatti amanuu 3. Kitaabban buufamtetti amanuu 4. Ergamtootatti amanuu 5. Guyyaa dhumaatti amanuu 6. Murtitti amanuu	Daqiiqaa 20
	Bu'aa'lee iimaanaa Qur'aana kabajamaa: 1. Qur'aanni kabajamaan maali? 2. Qur'aanni soora lubbutiifii sammuuti. 3. Qur'aanni qajeelfama jireenyaati. 4. Seenaa nabiyyootaa qur'aana keessatti.	Daqiiqaa 20
	Suuraa Qulhuwallah haffazuufii hiikkaa isii hubachuu.	Daqiiqaa 20
Boqannaa		
Daree lammaffaa	Worship: 1. Hiikkaa ibaadaa. 2. Ulaagaa ibaadaan itti qeebalamtu 3. Gosoota ibaadaa	Daqiiqaa 15
	Xahaaraa (qulqullumina) Gosa xahaaraa: 1. Xahaaraa mul'attuu: Hundeen waahundaa xahaaraadha. Wantoota najisaa. Najisa qulqulleessuu. Mana fincaanii fayyadamuu. 2. Xahaaraa keessaa: hadasa deemsisuu. Bishaan hadasa deemsisuuf ittifayyadaman.	Daqiiqaa 45

**Xiinxalla
guyyaa
lammaffaa**



Daree	Keewwata	Yeroo
Guyyaa afraffaa		
	Suuratul kaafiruun haffazuufii hiikkaa isii baruu.	Daqiiqaa 20
Daree duraa	Akkamitti salaata? (hojiin): 1. Salaanni maali? 2. Maaliif salaanna? 3. Sadarkaa salaataa. 4. Ulaagaalee salaataa. 5. Salaata shaman. 6. Akkamitti salaanna?	Daqiiqaa 40
Boqannaa		
Daree lammaffaa	Salaata: 1. Akkaataa salaataa guutuu. 2. Salaata jum'ah.	Daqiiqaa 60

**Xiinxallaa
guyyaa
afraffaa**



Daree	Keewwata	Yeroo
Guyyaa shanaffaa		
Daree duraa	Suura Kowsar haffazuufii hiikkaa isaa baruu.	Daqiiqaa 20
	Zakaa 1. Zakaan maali? 2. Maaliif zakaa baafna? 3. Akkamitti zakaa baafna?	Daqiiqaa 20
	Soomana: 1. Soomanni maali? 2. Maaliif soomanna? 3. Waan soomana balleessu. 4. Namoota ramadaana furuun hayyamameef.	Daqiiqaa 20
	Hajjii: 1. Hajjiin maali? 2. Maaliif hajjina? 3. Hajjiin eenyurratti dirqama taha?	Daqiiqaa 10
Boqannaa		
Daree lammaffaa	Suura wal asrii haffazuufii hiikkaa isii baruu.	Daqiiqaa 20
	Uffata: 1. Hundeen uffata keessatti. 2. Uffata haram tahe.	Daqiiqaa 30
	Nyaataafii dhugaatii: 1. Hundeen nyaataafii dhugaatii keessatti. 2. Nyaataf dhugaatii dhoowwame. 3. Ulaagaaleen gurraatii akka shari'aattii maalii? 4. Seera gorraasuu maneen nyaataafii maneen daldalaatti.	Daqiiqaa 30

**Xiinxalla
guyyaa
shanaffaa**



Daree	Keewwata	Yeroo
Guyyaa jahaffaa		
Daree duraa	Faaynaansiifii daldala: 1. Faaynaansiin daldalaa maali? 2. Hundee faaynaansii. 3. Faaynaansii diinaggee kan dhoowwaa tahe.	Daqiiqaa 30
	Amala gaarii: 1. Amala gaarii islaama keessatti. 2. Sadarkaa amala gaarii. 3. Naannoowwan amala gaarii Islaamummaa keessatti.	Daqiiqaa 30
Boqannaa		
Daree lammaffaa	Suuraallee haffaze gulaaluu.	Daqiiqaa 30
	Akkaataa wuduu'aatiifii salaataa gulaaluu.	Daqiiqaa 30

**Xiinxalla
guyyaa
jahaffaa**




Mata dureewwan kaarikulamii

Boqannaa tokkoffaa

Amantii islaamaa

- | | | |
|---|--------------------------------|----|
| 1 | Islaamaafii gaafilee gurguddoo | 16 |
| 2 | Islaamummaan maali? | 20 |
| 3 | Akkamitti islaamawa? | 26 |
| 4 | Iimaana | 30 |



Boqannaa lammaffaa

Qur'aana kabajamaa

- | | | |
|---|----------------------------|----|
| 1 | Qur'aana kabajamaa beeki | 38 |
| 2 | Ibsa suuraalee gaggabaabaa | 44 |



Boqannaa sadaffaa

Ibaadaawwan

1	Gabbartii Rabbii	54
2	Xahaaraa (qulqullina)	58
3	Wuduu'aa	62
4	Qama dhiqachuu	68
5	Seera dubartii muslimaa	72
6	Salaata	76
7	Zakaa	84
8	Soomana	88
9	Hajjii	92



Boqannaa afraffaa

Seera islaamaa

1	Uffata	100
2	Nyaataafii dhugaatii	104
3	Hojmaata diinaggee	108
4	Amala	112



The image shows a close-up of the interior of a mosque, focusing on the wooden carvings of the pillars and arches. The carvings are highly detailed, featuring geometric patterns, floral motifs, and Arabic calligraphy. The lighting is dramatic, with strong highlights and deep shadows, emphasizing the texture and depth of the woodwork. The overall atmosphere is one of historical grandeur and artistic mastery.

Boqannaa tokkoffaa

Amantii islaamaa



Barnoota tokkoffaa

- 1 Islaamaafii gaafilee gurguddoo
- 2 Islaamummaan maali?
- 3 Akkamitti islaamawa?
- 4 limaana





Barnoota tokkoffaa

Islaamaafii gaafiilee gurguddoo

Duree

Ilma nama gaafiin yaada isaa keessa deddeebiti. Waayee argama ilma namaa. Hundee amrii isaaniirraa walgaafatan. Bu'ura eessaa akka dhufan. Maaliif akka dhufan. Waaye xumura isaani. Islaamni gaafiilee kanaaf deebii quubsaa kenne.

Gaafi duraa

Nuti eenyu?


Islaamummaan ilma namaa uumaa Rabbi hedduu keessaa tokko tahuu ibsa. Kan Rabbiin uumamtoota heddurra isa caalchise isirraa hedduu isaaf laaffise akka isiidhaan gargaaramu hojii isaarratti hanga jiruu isaa. Rabbiin nijedhe “*dhugatti ilmaan adam kabajne. Bishaaniifii barrattis isaan yaabbachiifne, gaggaarirra isaaniif hirre, hedduu waan uumneerra caalchisiinsa isaan caalchisne*” (israa’l 70)

Rabbiin ilma namaa keessatti fakkii godhe:

- Qulqullummaafii ibaadaa keessatti akka malaykaa.
- Mormuufii dilaawuu keessatti akka sheyxaanaa.
- Fedhiifii feetee isii guutuu keessatti akka lubbuqabeeyyii.

Toltuuf simachuufii hamtuu simachuu isa keessatti godhe. Akka uumaafii aqlii.

Bilisa filataa filannoofii hojii isaarraa gaafatamu taasise.



Gaafi lammaffaa

Eessaa dhufne? Maaliif dhufne?

Hundeen umama namaa dhoqqerraa tahuu islaamummaan ni ibsa. Abbaa nama hundaa Adam dhoqqerraa uume.

Rabbiin akkana jedhe “**Dhugumatti, Nuti namaa (Adam) qulqulluu (cunfaa) dhoqqeerraa ta’e irraa uumne.**” [mu’iminuun 12]

Kaayyoon namni uumameef Rabbi gabbaruufi. Osomaa Rabbiin umamtoota isaarraa dereessa tahee jiruu.

Rabbiin oltahe akkana jedhe “**namaafii jinnis haanagabbaraniif malee hin uumne**” [zaariyaat 56].

Adam

Rabbiin qur’aana keessatti seenaa umama adam nuuf hime. Akkamitti akka sheyxaanni itti diinomu jalqabes. Tafsiiira suuraa baqaraa ayata (30-39) laali.

Mariyadhu

Ilaalcha ati hiikkaa jiraachuu keetii irratti qabdu wal bira qabi ilaalii osoo Islaamummaa hin seenin duraa fi booda:

.....

.....

.....

.....

Gaafi sadaffaa

Eessatti deemna?

Qur’aanni kabajamaan jiruu duniyaa tanarratti hundi namaa akka du’u ibse.

Du’uu isaatiin yeroon hujii xumuramtiyeroo qormaataatiifi galataatu jalqaba.

Rabbiin oltahe nijedhe “**atis niduuta, isaanis nidu’an. Eegasii isin guyyaa qiyaamaa Rabbi biratti walmugguttan**” [zumar 30-31]

Namni yeroo du’e gara sadarkaa amantii isaarraa gaafatamuu, kan hojii isaarratti galata galfamuutti jecha.

Rabbiin akkana jedhe “**lubbuun hundi du’a dhandhamtuudha, galata keessan kan galfamtan guyyaa qiyaamaati, namni ibiddarraa fageeffamee jannata seene dhugaa milkaaye. Jiruun duniyaa meeshaa daguu malee hintaane.**” [ala imraan 185]

Yogguu guyyaan qiyaamaa gaye Rabbiin warradhume qabarii isaaniirraa kaasa gaafiifi galataaf jecha.


Warra iimaanaa jannataan galata galchaaf. Warra kufrii ibiddaan galata galchaaf.

Rabbiin oltahe akkana jedhe “**Akka kanatti Qur’aana Afaan Arabaa gara keetti beeksisa goone Akka (warra) haadhoo magaalaa (Makkaa) fi warra moggaa ishee sodaachiftuuf, guyyaa wal ga’ii kan shakkii hin qabnes akka dinniintuuf. Gariin jannata keessa (seenu); gariin immoo ibidda keessa.**” [Ashuura:7]



Qananii qajeellumaa:

namni ogummaa Rabbiin isa uumeef beeke, booddee guyyaa qiyaamaa nama eeggattus beeke, irra caaltuun qananii Rabbiin namatti arjoomee qananii qajeellootiamantaa dhugaa qabachuufi hojii gaaritti gaxxamamuuti. Kanaaf Rabbiin salaata keessatti qajeelchuu karaa qajeela islaamummaa jaalala Rabbiitti isaan geessu akka isa kadhahan gabroota isaa dirqe.



Mariyadhu



Gayee ilmi namaa jiruu isaa keessatti ittiin dhaabbatu keessaa takka dachii misoomsuudha. Ergama guddaa kana galmaan ga'uuf isa dandeessisuudhaaf Rabbiin uumama isaa qopheessee gahee kana ba'uu akka dandayuuf.

Umamtoota biro keessaa namni akkamitti lafa tana misoomsuu dandiya ibsi?

Hiree uumama du'a booda beekuuf hiika qabatamaa tokko tokko kaasi?



Gaaffiiwwan madaallii

1

Islaamni akkamitti ilma namaa umamtoota biroorra caalchise?

.....

.....

2

Kaayyoon umama ilma namaa maali?

.....

.....

3

Seenaa jalqaba umamaa qur'aanni maaliif adda baasee ibse?

.....

.....

4

Ilmi namaa yeroo du'e gara sadarkaa amantii isaarraa gaafatamuufii hojii isaarratti galata argatutti ceha.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Kaayyoon umama ilma namaa dachii misoomsee jireenyaaf mijjooytu taasisuudha.

☐ Dhugaa ☐ Soba

5

Yaad-rimee Islaamaa argamuu ilma namaa erga qorattee booda:

Hammam akka inni uumamaan keessa keetii fi miira onnee keetii wajjin walii galu sitti dhaga'amu ibsi

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....



Barnoota Iammaffaa

Islaamummaan maali?

Duree

Islaamummaan amantaa Rabbiin nabi muhammadiin erge. Inni dagaaginsa waan nabiyyoonni durii dhufaniinirraayi. Bu'urri isaa Rabbiin haqaan gabbaramuu haqa godhate tokkiicha shariika hinqabne inni Allaaha. Motummaa isaa keessatti gargaaraa hinqabu. Isaafii gabroota isaa jidduu walitti fidaan hinjiru. Garuu maalif islaamummaa qabachuun nabarbaachise? Inni amantii ummata hundaati moo kan araba qofa? Nabiyyiin isaahoo eenyu? Nabiyyiin biro kan isa booda dhufu nijiraa?

Maaliif islaamawa?

Gariin namaa nigaafata: maaliif islaamawuun narratti dirqama tahe?

Deebiin: islaamawuun narratta dirqama waa hedduuf sankeessaa:

Tokkoffaa: amantin islaamaa inni amantii Rabbiin gabroota isaatiif jaalate.

Nama tokkollerraa isa malee amantaa biraa hinqeebalu. Rabbiin oltahe nijedhe: “**namni islaamummaa malee amantaa biro barbaade isarraa hinqeebalamu, inni akhiratti warra hoongayerraayi**” (ala imraan 58).

Lammaffaa: amantin islaamaa amantii nabiyyoota hundaati. Nabiyyoota hundatti amnutti nama ajaja. Isaan jidduu adda hinbaasu.

Rabbiin akkana jedhe “(Mu’uminoonni) jedhaa: “**Nuti Rabbitti amannee jirra; waan gara keenyatti buufamettis; waan gara Ibraahiim, Ismaa’iil, Isihaaq, Ya’aquubii fi Asbaaxitti buufametti (amannee jirra) Waan Muusaafi lisaan kennamanittis, Waan nabiyyoonni Gooftaa isaanii irraa kennamanittis (amannee jirra), Isaan irraa gidduu nama tokkoos addaan hin baafnu, Nuti warra Isaaf butameedha.**” (baqaraa 136)

Garaagarummaan nabiyyoota jidduu jiru garaaharummaa seeraa ibaadaati tan hojii gabrootaarratti rarraatu.

Rabbiin oltahe akkana jedhe “**hunda isinirraa taheef seeraafii qajeelfama goone**”. (maa’idaa 48). Hiikkaan ummata ummatarraa tahe hundaaf seera isiin murteeffatan goone. Karaa ittiin Rabbitti dhihaatanis goone. Warra amantii hundaatiif karaa isaan qofaattu taheseera isaaniif maltuutu tahe. Ammo aqiidaa (hundee amantii) keessatti aqiidaan nabiyyoota hundaa takka. Eegasii Rabbiin xumura nabiyyootaa nabi Muhammad erge ergama isaan xumure. Seera isaatiin seera hunda xumure. Nama tokkollerraa amantaa islaama malee hinqeebalu.

Sadaffaa: islaamummaa seenuun karaa milkii adduniyaatiifii nagaya akhiraati.

Namni yaaminsii nabi muhammad isa dhaqqabdee itti amanee hordofe malee tokkolleenuu akhiratti nagaya hinbahu.

Rabbiin oltahe nijedhe “namni islaamummaa malee kan biraa amantummaaf barbaade isarraa hinqeebalamu, inni akhiratti hoongoytootarraayi”. (ala imraan 85)

Nabiin s.a.w. nijedhe Rabbi lubbuun Muhammad harka isaa jirtuun kacadhee ummata kanarraa yahuudaa tahee nasaaraa tahee ani ergamuu dhagayee tokkolleenuu osoo waan ani ergameenitti hinamanin yoodu’e warra ibiddaarraa tahu malee hinhafu”. (muslimtu galmeesse 153)

Afraffaa: islaamummaan gaafiilee gurguddoof deebii quubsaa kenna: Maaliif gara ganda jireenyaa kana dhufe? Eessarraan dhufe? Du’a booda eessan deema?

Shanaffaa: islaamummaan amantaa uumaan waliifgalu. Dhaamsa guddaa isaa (tawhiida) irraa kaasee hanga naamusa haala gaaritt

Mariyadhu



Akkamitti islaamummaan amantii nabiyyoota hundaa tahe?

Waan islaamummaan ittiin adda tahe keessaa:

Islaamummaan amantii biroorraa waan hedduun adda tahe. Sanneen keessaa:

1 Amantii addunyaa hundaati

Amanitin islaamaa tan araba qofaatii miti. Inni diin Rabbiin ilmaan namaa hundaaf jaalateedha. Tanaaf Rabbiin nabiyyicha isaa muhammadiin akkana jedhe. “Rahmata aalamaa taasifnee malee sihinergine” (anbiyaa 107)

Rabbiin nabiyyicha rahmata nama hundaati godhe, kan karaa iimaanaatti isaan yaamu. shari’aa isaatis irra bal’oo shari’aa godhe rahmata namaa godhuuf jecha.

Faaydaa

Islaamummaan adaafii duudhaa ummataa nikabaja. Jijjiirutti isaan hindirqu yoo seera shari’aatiin walfaallesite malee.





Nabiyyiin islaamaa eenyu?

Nabi Muhammad nabiyyi xumura nabiyyootaa tahuu amana muslimni. Nabiyyoota Rabbiin ilmaan namaatti ergee akka tokkummaa Rabbiitiifii gabbartii isaaf qulqulleessuu ilmaan namaa barsiisaniif jecha. Nabi Muhammad booda nabiyyiin hinjiru. Rabbiin akkana jedhe: **“Muhammad abbaa tokkoo dhiiroowwan keessanii hintaane. Ammo ergamaa Rabbiitiifii xumura nabiyyootaati, Rabbiin waahunda beekaa tahee jira”**. (ahzaab 40).

Amantii baruu

- Waayee diin isaaraa waan itti haajamu barachuun dirqama muslimaati. Akka beekkomsarratti rabbiin gabbaruuf jecha.
- Nabiin diin baruu keessatti kajeelchisee akkana jedhe: **“Rabbiin nama kheyrii isaan fedhe diin isa barsiisa”**. (Bukhariitu galmeesse 71).
- Beekkomsa diin barachuunkaraa ittiin jannata seenani jechuu nabiin s.a.w. ibse. Nijedhe **“namni barnoota barbaachaaf karaa seene isa saniin Rabbiin karaa jannataa isaaf laaffisa”**. (Muslimtu odeesse 2699)



Hubannoo dabalataa

Seenaa nabiyyii Muhammad dabalataan barachuuf kitaaba muhammadurrasulullaah jedhu dubbisi. Kitaabni kun pilatformii usool keessatti afaan adunyaa hedduun argama.



Kitaabicha buufachuuf barkoodii sana scan godhi



Kitaaba muslimtichi seera diin isaa irraa barachuu dandayu akka beekkomsarratti Rabbi isaa gabbaruuf dandayuuf kitaaba hedduutu keessatti argama. Kitaaba filatamatti akka isa qajeelchan beytotaan gargaaramuu isa barbaachisa.

Madaallii walcaalinsaa islaama keessatti:

Rabbiin madaallii walcaalinsaa jidduu gabrootan isaatti iimaanaafii taqwaa (soda isaa) taasise. Walcaalinsi muslimoota jiddutti jajjabina imaana isaaniitiini malee qaama isaaniitiinii miti, gosa isaanii, bifa isaaniitiinii, qabeenya isaaniitii miti. Rabbiin akkana jedhe “yaa ilmaan nama nuti dhiiraafii dubartirraa isin uumne, sabootaafii gosoota isingoone akka walbeeytaniif jecha. Irra kabajamaan keessan Rabbi biratti irra Rabbi sodaataa keessani, Rabbiin beekaa hubataadha” hujuraat 13.

Nabiin s.a.w. nijedhe “yaa ilmaan namaa beekaa Rabbiin keessan tokko, abbaan keessan tokko, dhagayaa caalinsi hintaane arabdichaaf ajamticharrati, ajamtichaafis arabdicharratti hintaate, diimaafis gurraacharratti, gurraachaafis diimarratt caalinsi hintaane sodaa Rabbiitiin malee” beyhaqitu shi’bil imaan keessatti galmeesse 4774.

Utubaalee islaamaa

Diin islaamaa roga shanirratti jaarame:

Guyyarraa muslimni salaata shan salaatuun dirqama. Ibsi isii itti aanee dhufa.





Gaaffiiwwan madaallii

1

Eega kilippii kana daawwattee waan islaamummarratti gadi sijabeessu himi. (Muslim's new life حياة المسلم الجديدة)



Baarikoodii scan godhii kilippii daawwadhu.

2

Akka Rabbiin isa ajajetti Rabbiin gabbaruuf hundeen barnoota muslimni barachuu qabuu tami?

3

Barnoonni islaamaa dameelee kana ufkeessaa qaba:

- ☐ amala gaarii
- ☐ beekkomsa
- ☐ hojii
- ☐ hunda waan dabree

Rogni (utubaaleen islaamaa) meeqa?

- ☐ 6
- ☐ 5
- ☐ 4
- ☐ 3

4

Gabrichi eega Rabbiin isa waffaqee islaamummaa seene bu'ura diin barachuun isarratti dirqama akka sirritti Rabbi gabbaruun isaaf mijjatuuf jecha.

- ☐ Dhugaa
- ☐ Soba



Barnoota sadaffaa

Akkamitti islaamawa?

Duree

Yeroo jabduu muslimtichi haaroyini hin irraanfanne keessaa takka yeroo shahaadaa jedhee islaama seenuu isaa beeysisuudha. Beeysisa Kanaan nama hundaa dura lubbuu isaa beeysisa akka nama haarawa kan duraa san hintahin tahee jiru. inni yeroo ammaarraa kaase tarkaanfii dura gara tarkaanfate gara haqa beekuufii ittihojjachuutti. Barnoota kana keessatti shahaadaa lameen hiikkaa isiifii seera isii Muslima qabsiiftu baratta.

Shahaadaa (raga) lameen

Rabbii bantuu islaamummaan seenana shahaadaa lameen jechuudha taasise. Isaan sun

- Ash'hadu allaa ilaaha illaahu
- wa Ash'hadi anna muhammadan rasulullaah

Hiikkaa shahaadaa lameenii maali?


Tokkoffaa: hiikkaa shahaadatu allaa ilaaha illallaahu

Hiikkaan (shahaadatu allaa ilaaha illallaahu) nan amana amaniinsa murteessaa tahe gabbaramaan ibaada haqa godhate Allaah tokkicha malee akka hinjirre.

Shahaadaan tun waa lama ufkeessaa qabdi.

Kanduraa

Allaham alee kan tahan hundarraa gooftummaa mulquu



Lammaffaa

Gooftummaa Rabbi tokkicha qofaaf mirkaneessuu

Diin islaamaa kan diin nabiyyoota hundaa tahe bu'urri isaa Rabbii tokkicha gabbaranii waan isa malee gabbaramu hunda diduudha.

Rabbiin oltahe akkana jedhe “ergamarra siin duratti tokkollee hin ergine isatti beeysisnu malee -ana malee gabbaramaan haqaa hinjiruu anuma qofa gabbaraa” Anbiyaa 25

Gonkuma Rabbiin maleen gabbaramaadha jedhanii yaaduun hintahu. Rabbin malee kanbirootti gosa ibaadaa tokkoonillee dhihaachuun hintahu

Lammaffaa: hiikka shahaadatu anna muhammadan rasuulullaah

Hiikkaan (Muhammad ergamaa Rabbii tahuu raganbaha): nin amana murteessee Muhammad ergamaa Rabbii tahuu isaanii, jechuudha. Inni xumura nabiyyootaati, isa booda nabiyyiin hinjiru. Ergaan isaa ilmaan namaa hundaafi. Rabbiin oltahe akkana jedhe “inniin furqaan gabricha isaarratti buuse barakoome akka umamtootaaf dinniinaa tahuuf”. Alfurqaan 1.



Qormaata

Kitaaba muhammadun rasuulullaah jedhu dubbisii hubannoo waayee nabii tan asiigadii tana ibsi.



Baariikoodii iskaan gochuun kitaaba gadibuufadhu.



Maqaa isaa

Akaakuu isaa

Dhaloota isaa

Guddina isaa

Ergamuu isaa

Godaansa isaa

Du'a isaa



Seera shahaadaan walqabatu

Shahaadaa lameen dubbachuun qoftiin gayaa miti. Hiikkaa isii baruufii itti hojjatutu barbaachisa.

Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha malee hinjiru yeroo jedhan, waan isa malee gabbaramutti kafaruu, isuma qofa goftaa gabbaramaa gabbartii haqa godhate jedhanii dhuga’oomsuu barbaachisa. Ibaadaa isaaf qulqulleessuun wajji.

Rabbiin oltahe akkana jedhe “Namni xaaghuutatti kafaree, Rabbitti amane, dhugumatti haada jabaa citiinsi isiif hintahin qabateera. Rabbiin dhagayaa, beekaadha”. (baqaraa 256)

Mariyadhu



Laa ilaaha illa Ilaahu raga bahuun maalif waan Rabbi malee gabbaramutti kafaruu nama qabsiisa?

.....

.....


.....

.....

.....

.....

.....



Namni gariin gabbaramaa
adda addaa godhatee
namoota akka gabbaran
itti yaama. Kuni sababaan
isaa maali saahibban
keetiin wajjii lakkaawi
sababaa san.

Ragaalee aqlii tan nabi ibraahiim ummata isaa ittiin falme keessa gaafii inni isaan
gaafate: (waan ufi boccan gabbartanii?) (assaaffaat 95)



Gaaffiiwwan madaallii

1

Yoo Rabbiin gooftaa aalamaa tahuu beeyte islaamummaa seenuuf sanumaatu gaya.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Ergamummaa nabimuhammad mirkaneessuuf shahaadama dubbachuun qoftiin gayaadha osoo isaaf ajajamuu baadhellee.

☐ Dhugaa ☐ Soba

2

Eega kilippii kana daawwattee (who is Muhammad?) guddina sadarkaa nabiirraa dubbadhu, karaalee adawwiin islaamaa ittiin maqaa nabii xurreessuuf itti fayyadamte ibsi.

.....

.....

.....

.....

.....



Baarikoodii
scan godhii
kilippii
daawwadhu

3

Peejii kana daaw'achuudhaan " iisaa qur'aana keessatti jesusandquran.com " Hariiroo nabi Muhammad nabi iisaa wajji qabu ibsi.

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....



Websayiticha
dawwatuuf
parkodii
banadhu



Barnoota afraffaa

limaana

Duree

Yeroo hedduu muslimni yeroo qur'aana qara'u yookaa salaataafii ibaadaalee birootiin Rabbi gabbaru tasgabbii argata. Miirri kuni garii namaa olguddisee gammachuufii tasgabbii argachiisa. Kuni ammo bu'aa imaanaati kan muslimticha jiruu isaa hinda akka Rabbiif jiraatu godhu jaalalaafii kajeellaan ajaja Rabbii raawwata, waan inni dhoowverraa fagaata ajajamaa tahee. Barnoota kana keessatti hiikkaa iimaanaa, utubaalee isaatiifii firii isaati baratta.

limaanni maali?

limaanni waan Rabbi biraa dhufe qalbiifii arrabaan dhuga'oomsuu. Olbiin jaalataa, kajeelaa, sodaataa Rabbiif ajajamuu. Qaamnis kanatti hojjachuu.

Rabbiinakkana jedhe “isinYaa warra amantan! Rabbitti amanaa, ergamaa Isaattis, kitaaba ergamaa Isaa irratti buufamettis kitaaba Inni sana dura buusettis (amanaa). Namni Rabbitti kafare maleeykota Isaattis, kitaabota Isaattis, ergamtoota Isaattis fi Guyyaa Aakhiraatti (kafare), inni dhugumatti jallina fagoo jallateera” (nisaa'l 136)

Mariyadhu



Soodaafii kajeellaa jidduu jiru maali?

.....

.....

.....

.....

.....

.....

Utubaalee iimaanaa



Iimaanni utubaa jaharra dhaabbata isiin:

- 1 **Rabbitti amanuu:** mu'iminni jireenya Rabbiitti amana maqaleefii sifaata isaattis ni amana. Inni gooftaa aalama bal'aa kanaati, isaatu uume. Dhuunfataa waan isa keessaati, gan waayee umamtootaa hoogganu, kan gabroota isaatiif hiree hiru. Mu'iminni Nidhuga'oomsa gooftaan gabbartii haqa godhatu Rabbiin malee akka hinjirre. Inni sifa guutuu taate hundaan wassafama.
- 2 **Malaa'ikatti amanuu.** Muslimni malaaykaan kabajamoon jirachutti amana Rabbitu isaan uume, isaan Rabbiin gabbaran, ajaj isaa keessatti isatti hindilaawan, hojiifii ibsa isaanii tan qur'aanaafii hadiisan dhufte muslimni nidhuga'oomsa.
- 3 **Kitaaba buufametti amanuu:** Muslimni nidhuga'oomsa Rabbiin kitaaba buuse jechaa. Gabrootan isaatiif ergamtoota isaarrat buuse. Ilmaan namaa qajeelchuuf isii buuse, waayee amantaa isaanii isaan barsiisuuf, San keessaa Rabbuun tawraat muusaa ilma imraan irratti buuse, zabuur daawudirratti, injiil iisaa ilma Maryam irratti, qur'aana nabi Muhammad s.a.w. irratti buuse. Qur'aanni xumuraafii injifataa isaati.
- 4 **Nabiyyootatti amanuu:** Muslimtichi ni amana Rabbiin ergamtoota ummata isaaniitti ergee jira jedhuu. Mu'ijizaa dhugaa tahuu isaaniitti qajeelchituun isaan jajjabeesse. Mu'imintoota akka gammachiisaniif, kaafirootaa akka sodaachisaniif, akka ummata isaanii waayee amantii barsiisaniif. Ummanni isaan itti ergaman isaan tole jechuufii isaan jala deemuun dirqama. Nabi Muhammad xumuraafii booda isaaniiti.
- 5 **Guyyaa qiyaamaatti amanuu:** muslimni guyyaa qiyaamaatti ni amana, Rabbiin guyyaa san warra du'e qabirraa nikaasa, hojii isaaniirratti isaan qorata, galata irratti isaaniif galcha, isaanirra kan jannata seenujjira, isaanirraa kan ibidda seenujjira.
- 6 **Murtii Rabbiitti amanuu:** muslimni ni amana hundi waan aalama kanarratti argamuu toltus tahee hamtuun inni murtii Rabbiitiin taha. Rabbiin isa beekke jira, lawhalmahfuuz keessatti barreessee jira. Uumama kana keessatti waan Rabbiin fedhe malee hinargamu.



Rabbitti qindeessuu:

Inni Rabbii gaditti waan biraa gabbaramaadha jedhanii yaaduudha. Yookaa waan ibaadarraa taheen isatti dhihachuudha. Inni dilii guddoodha. Badii hamtuudha. Rabbiin isa hin araaramu. Rabbiin oltahe nejedhe "Rabbiin isatti qindeeffamuu hin araaramu, waan sanii gadii abbaa fedheef ni araarama. Namni Rabbitti qindeesse dhugatti dilii guddoo kijibaan hojjatee jira" nisaa'l 48.





Murtii Rabbii: inni
Rabbiin dur waa hunda
murteessuu isaati.
Beekuu isaati yeroo isa
biratti beekamtuu taate
keessatti akka argamtu.
Akkaataa adda tahetti.

Bu’aa iimaanaa

Iimaanni bu’aa hedduu qaba san keessaa:

- **Tasgabbaawuu qalbii:** iimaanni qalbii mu’iminaa nitasgabbeessa. Tan Rabbiifii murtii isaa jaalattu taasisa. Tan Rabbi malee hinsodaanne.
- **Rabbiin beekuu:** mu’imintichi Rabbiin beeka beekkomsa isatti rarra’uu isaaf dabaiu. Maqaalee isaa, sifaata isaatiifii hojiilee isaa beeka.
- **Rabbiin guddisuu:** mu’iminni yeroo Rabbi beeke guddinaafii kabajaa Rabbiiti dabalata. Jaalalaafii kabajaa Rabbiiti dabalata. Soda Rabbiillee ni eda’ata.
- **Arjummaa Rabbiin gabrootaaf oole hubata.** Rabbiin ergamtoota ergee kitaaba isaanirratti buusee akka islaamummatti qajeelaniif.
- **Malaa’ykota jaalachuu:** waan isaan Rabbi gabbaraniifii Rabbiif ajajamaniif jecha.
- **Ergamtoota jaalachuu:** Rabbiin ergaalee isaa akka ummataa gayaniif isaan filate.
- **Ibaadaa keessatti jajjabaachuu:** hanguma iimanni dabale ibaadarratti jabaachuun namaa dabalanti.
- **Jiruu gaarii:** mu’iminni waan Rabbi isaa qoode nijaalata. Nibeeka rakkoon adduniyatti isa tuuyxu sadarkaa isaa isaaf olfuuti, badii isaa isarraa hayxi, akkasuma inni waan Rabbiin akhiratti mu’imintootaaf qopheesse kajeela.
- **Duniyaan dagamuu dhabuu:** jiruun duniyaa jiruu yerooti isiin karaa jiruu dhaabbattuu akhiraati.
- **Kijiboota saaxiluu:** kijiboota kuraafaataa hedduu islaamummaan nisaaxilanifashalsa.
- **Jannata seenuu:** isiin ganda qananii hindhumne kan zalaalamiiti. Rabbiin gaboottan isaa mu’imintootaaf kopha godhe



Yadannoo tiyya

Eega islaamummaa seentee garii bu’aa iimaanaa kan argatte barreessi.



Gaaffiiwwan madaallii

1

Hiikkaan ergamtootatti amanuu nabi Muhammad qofatti amanuudha.



Dhugaa



Soba

2

Cilippi kana eega daawwatte booda guddina Rabbiirraa dubbadhu.
(Who is Allah?)



Baarikoodii
scan godhii
kilippii
daawwadhu

3

Cilippii kana daawwadhu (The six fundamentals of faith) bu'aa iimana kee irraa argatte rogaa iimaanaa jahanirratti kan tahe dubbadhu.



Baarikoodii
scan godhii
kilippii
daawwadhu




Uf gamaagamuu

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
1	Gaafiilee jireenya namaatiin walqabattuuf deebii bartee jirtaa?				
2	Hiikkaa islaamaa bal'istee ibsuu dandeessaa?				
3	Akkaataa itti islaamummaa seenan beeytaa?				
4	Hikkaa shahaadaa lamaanii beeytaa?				
5	Seera shahaadaa lamaanii ibsuu dandeessaa?				
6	Utubaalee iimaanaa beeytaa?				
7	Hiikaa Rabbitti amanuu ibsuu dandeessaa?				
8	Hiikkaa malaa'ikatti amanuu ibsuu dandeessaa?				
9	Hiikkaa kitaaboowwanitti amanuu ibsuu dandeessaa?				
10	Hiikkaa ergamtootatti amanuu ibsuu dandeessaa?				
11	Hiikkaa guyyaa qiyaamaatti amanuu ibsuu dandeessaa?				
12	Hiikkaa murtii Rabbiitti amanuu ibsuu dandeessaa?				
13	Akka itti shahaadaa lameen sirritti jedhan beeytaa?				
14	Muslimni haaroyini akkamitti akka iimaana isaa cimsatu beytaa?				
15	Onnee tee keessatti jaalati diin islaamaa sitti dhagayamtii?				




Kutaa lammaffaa

Qur'aana kabajamaa



Barnoota kutaa kanaa

- 1 Qur'aana kabajamaa beeki
- 2 Ibsa suuraalee gaggabaabaa



Barnoota tokkoffaa

Qur'aana kabajamaa beeki

Duree

Rabbiin yeroo nabiyyota ergu mu'ijizaa baasa addaa isaaniif kenna. Isii saniin ummata isaaniitti raga nabiyyummaa isaanii agarsiisan. Garuu mu'ijizaan nabiyyoota hundaatuu isaanumaan wajji dhaabbatti. Ammo nabiyyicha keenya kan islaamaa mu'ijizaa isaa qur'aana kabajamaa godheef. Kan eega nabiyyii boodas tiiysuu Rabbiin ufqabeef. Barnoota kana keessatti sadarkaafii naamusa qur'aanaati baratta.

Qur'aanni maali?

Qur'aanni kabajamaan jecha Rabbiiti kan Rabbiin nabiyyicha isaarratti buuseedha. Inni kitaaba Rabbii kan booda bu'e. isa booda kitaabni biraa hinjiru.

Sadarkaa qur'aana qara'uu:

- Nabiin s.a.w. nijedhe “namni harfii takka kitaaba Rabbiirraa qara'e toltuu takkatu isaaf tahe, toltuun kurnan fakkaattuu isiitiin galfamti. Alif laam miim harfii takka hinjedhu. Alif harfii, laam harfii, miim harfii” tirmiziin sunana isaa keessatti Sanada sahihaan baase (lakka 2910)
- Nabiin s.a.w. nijedhe: qur'aana qara'aa inni guyyaa qiyaamaa saahiba isaatiif araarsaa taheeti dhufaa”. Muslimtu sahiha isaa keessatti baase (lakk 804)

Kitaabban buufamte: isiin kitaaba Rabbiin nabiyyoota isaarratti buuseedha.
Muslimni kitaabban kanatti ni amana.
Isiin Rabbiirraa buufamus Rabbiin waan isii keessa jiru akka kabajaa isaatiin malutti haasawus ni dhuga'oomsa.
Kitaabban kanneen keessaa:
Zabuur daawudirratti buufame, tawraat muusarratti buufame, injiil iisarratti buufame kitaabban kana jiriruufii jallisuun zamanoota dabran keessatti isitti dhaqqabee jira

Qur'aanni soora onneetiifii aqliiti:

Qur'aanni lubbuufii aqlii ilmanamaa walumaqixa itti dubbate. Aqlii karaalee kanneeniin dubbise:

- Aqlii murtorratti rageessuun, Rabbiin akkana jedhe:

"osoo isaan lameen keessa (dachiifii samii) gabbaramaan Rabbi malee jiraatee silaa nibaddi, Rabbii abbaa arshii waan isaan fakkeessanirraa qulqullaawe" (anbiyaa 22)

- Ragaafii hubannoo keessatti aqlii dalaysiisuutti yaamuun, Rabbiin akkana jedhe

"akka kanatti Rabbiin aayatoowwan isaa isiniif ibsa akka xiinxallitaniif". (baqaraa 219)

- Warra aqlii isaanii hinhojjachiifne arrabsuun kanneen isiin hinxiinxalline. Rabbiin akkana jedhe

"irra hedduun isaniinidhagayan yookaa sammuu dhaan niyaadan seetaa? (miti) isaan akka beeyladaa malee hintaane inumaa isaan kararraa irra jallatoodha (furqaan 44)

Ruuhii isaaniitiifii miira isaaniittis karaa asiigadii Kanaan haasaye.

- Miira onnee ibsuun, isii olbaasuun, bifa heddutti isii ibsuun. Rabbiin akkana jedhe

"ilma namaarraa kan Rabbii gaditti gabbaramtoota godhatuutu jira, akka jaalala Rabbiitti isaan jaalatan warra amaneetu Rabbi jaalatutti irra cimoodha" (baqaraa 165)

- Miira namummaa yaadachiisuun, faana isii hamtuufii toltus ibsuun. Rabbiin akkana jedhe:

"waarra amananitti jaalalaan kan irra dhihaatan warra nuti nasaaraa jedhan san tahuu nigarta, suni waan isaanirra qeesotaafii moloksoonni tahaniifi, isaan hinboonana. (maa'idaa 82)

- Laaffisiinsattiifii gorsa keessatti hawatutti ajajuu. Rabbiin akkana jedhe

"Ogummaafii gorsa gaariin karaa Rabbii keetiitti yaami isii gaarii taateen isaanitti mormi" (nahli 125).

- Ayatoota seeraa hiikkaa iimaanaa qabsiisuu. Rabbiin akkana jedhe:

"ammaan dura isinis akkana turtan Rabbiin tola isinirratti oole". (Nisaa'1 94).

- Jechoota lubbuu hawatutti fayyadamuu, tan miira dhugaa dammaysitu. Rabbiin akkana jedhe:

"Rabbiin isiniif araaramuu hinjaalattanii?" nuur 22).

Yeroo garii ayata tokko keessatti haasawa lama kan aqliifii nafsee walitti qabee fida. Aqlitti haasayee amansiisa yoggusuma miiras sossoosa. Rabbiin akkana jedhe:

"yaa ilmaan namaaqananii Rabbi tan isinirratti taate yaadadhaa, si mee Rabbii achitti gooytaan dachiifii samii keessatti isin razaqu nijiraa? (hinjiru). Gooftaan haqaan gabbaramu isa malee hinjiru, akkamitti kajibdan?" (faaxir 3).

Mariyadhu



Islaamawuu kee dura aayata kam dubbiste? Maaltu isirraa sitti dhagayame?

Qur'aanni qajeelfama jireenyaati

Qur'aanni kabajamaan jecha Rabbii aalamaa kan nama hunda uumeeti. Inni isaanirra isaan beeka. waan isaan fayyaduufii miidhus isaanirra beeka. Kanaaf Rabbiin qur'aana xumura kitaabban buusee godhe. Kitaaba qajeelfamaa, kan karaa jiruu isaanii isaan qajeelchu godhe. Kuni qabxiilee itti aanu Kanaan ibsama:

- **Yaaliin isaa bal'oo tahuu:** inni jiruu namaa marsaa sadeenittuu niwal'aana: jiruu dhuunfaa, jiruu maatiifii jiruu hawaasaa.
- **Matadureen isaa hundaqabataa tahuu:** inni walitti qabata aqiidaa, ibaadaa, aadaa, hariiroo hawaasummaa, hariiroo diinaggee, roga aqlii, miiraafii qaamaa, hariiroo mootummootaa, seera nagayaafii lolaa fii kanneen biraatis.
- **Haqa:** inni kitaaba waahunda keessatti haqatti ajaju, hanga adawwii gayutti. Roorroo gosa hundarraa dhoowwa.



Qur'aanni kabajamaan gabrootaniif seera jiruu isaanii diriirseera. Dirqamaafii mirga isaanii isaaniif ibse, waan isaaniif taheefii waan isaanirratti tahe addabaasaa. Tolinna likkii hinqabne tan seera isaa zamana hundaafii baka hundatti mijjaawaa gootu.



Muslimni qur'aana qara'uufii seera isaatti hojjachurratti bololuu qaba.

Seenaa nabiyyootaa qur'aana keessatti:

Qur'aanni kabajamaan seenaa nabiyyootaa duriifii ummata isaaniitiin guutamaadha. Aadamirraa kaasee, nuuhiin dabalatee, huud, saalih, shu'eybi, ibraahiim, ismaa'iil, ishaaq, ya'iquub, muusaa, iisaa, nageenyi isaanirraa haajiraatuu. Nabiyyootaafii ergamtootaa biroollee.

Qur'aannii seenaa isaanii faaydaa hedduuf dubbate, san keessaa:

- Amaantiin nabiyyoota hundaa tokko tahuu ibsuu, hundeen isaa tawhiida Rabbii waan taheef.
- Nabi Muhammad jajjabeessuufii booharsuu, wanni isatti argame nabiyyoota isa duraattis argamee jira.
- Mu'imintoota booharsuufii jajjabeessuu. Wanni isaan tuqe ummata kabajamoo nabiyyoota dabraniitis tuqee jiraa beeysisuu.
- Gorsaafii hubannoo irraafudhachuu. Seenaa dhugaa tan dhuftee dabarte waan tatteef.



Qormaata

Hima asii gadii kana bakka isa fakkaatu cinaa kaaye akka caaseffama isaatiin.

Haasawa Rabbii

Warra isaatiif araarsa

Gorsa keessatti laffisuufii suutatti ajaja

Aqlii dalaysiisutti ajaja

Jechoota lubbuu tuuyxu fayyadama

Kitaaba boodarra buufame

Nabi Muhammad irratti buufame

Sifa qur'aanaarraayi

Sadarkaa qur'aanaarraayi

Qur'aana kabajamaa



Hangafoonni qabxiilee inni irraa haasawuu

Irra gurguddoo matadureelee Qur'aanni irraa dubbatuu keessaa:

- Tawhiida Rabbii ibsuufii shirkii mormuu.
- Uumama tolinni isaa Rabbiin isa uume jiraachutti qajeelchurraa dubbata.
- Seenaalee qur'aanaa tan gorsaafii xiinxallaan guutamte.
- Jalqaba uumamtootaa, gabroonni du'a booda kaafamuufii hojii isaaniirratti galata galfamuu.
- Naamusaafii shri'aa muslimtootaaf ibsuu.



Gaaffiwwan madaallii

1

Qur'aanni aqlii namaa dubbisa wantootarratti qajeelfama aqlii fiduudhaan.



Dhugaa



Soba

2

Maaliif Rabbiin qur'aana buuse?

3

Toora kana babbanadhu [alnaba.ws] eegasii ragaalee qur'aanni dhugaa tahuu dhabbasiisa isaa Rgeeffatuun ibsi.

4

Rabbiin qur'aana kanbuuse_____irratti.



A) Nabiyyoota hundarratti



B) Muhammadirratti



Barnoota 2ffaa

Ibsa suuraalee gaggabaabaa

Duree


Suuraan faatihaa irra guddoo suuraa qur'aanaati. nabiin s.a.w. hadiisa hedduu keessatti sadarkaa isii guddina isii ibse. Isiin suuraa muslimni qalbitti haffazuu qabu. Isiin suuraa salaata keessatti qara'uun dirqamaa waan taateef jecha. Barnoota kana keessatti suura tana barannaa, nihaffaznaa, hiikkaa isii barannaa. Akkasuma suuraalee gaggabaaboo qur'aanaa kan hiikkaan isaanii guddaa nibaranna.

Suuraa faatihaa

Hiikkaa suuraa

(jalqabni maqaa Rabbii Rammata godhuutiini). qaraatii qur'aanaa maqaa Rabbiitiinjalqaba, isatti gargaarsifadhee. (Allaah) maqaa Rabbii haqaan gabbaramaa taheeti. Kan rahmata guddaa uumamtoota hunda walgayu godhu. Gabroottan isaa mu'imintootaaf rahmata kophaa keenaa.

(galanin Rabbiifi, gooftaa aalamaa kantahe). Galanin guutuu tahe Rabbii aalamaatiif haagaluu. Qananii gabroottan isaarratti ooleef galata hunda ka haqa godhati isuma qofa. Inni gooftaa uumamtoota hundaati. Kan dhabama booda isaan uume. Kan taligaa isaaniitiin dhaabbatu, kan haala isaanii tolche.



(Rahmata qabeessa kan tahe)

Arrahmaan: kan rahmata waliigalaa uumamtoota isaa hundaaf godhu. Arrahiim kan mu'imintoota qofaaf rahmata kophaa godhu.



Arrahmaan: kan uumaamtoota hundaaf rahmata godhu.



Arrahiim: rahmata mu'imintoota qofaaf godhu.

(Abbaa guyyaa galataa) kan guyyaa qiyaamaa dhuunfate. Guyyaa hojiratti namni qoratamee galata irratti galfamu.

(Suma qofa gabbarra, suma qofatti gargaarsifanna) yaa Rabbii keenya suma qofa gabbarra, amrii teenya hunda keessatti suma qofarratti gargaarsifanna. Waahundi hark akee keessa jirti.

(karaa qajeelaa nuqajeelchi) karaa sirriitti nuqajeelchi hanga duunee sitti dhufnuutti irratti gadi nujabeeysi. Karaan sun islaamummaadha. Karaa mul'ataa jalalaa Rabbiitiifii jannatatti nama geeysu.

(kara warra ati itti qananiitee kantahe, kan warra irratti dallanamee kan hintahin, kan jallattootaa kan hintahin). Sun karaa warra ati qajeelloon tola irratti ooltee nabiyyootaatiifii hordofootaa isaaniiti. Isaan warra qajeellooti.

Karaa warra itti dallantee irraa nufageessi. Isaan haqa beekanii itti hojjachuu didan. Karaa warra jallateerraa nufageessi isaan wallaala isaanirraa taheef karaa haqaatti qajeeluu dadhaban.

Mariyadhu



Tooftaan suuraa faatihaa haffazurratti nama gargaaru maali?

Suuraa ikhlaas (Qulhuwallaahu ahad):


Hiikkaa suuraa kana

{Jedhi inni Rabbi tokkicha} jedhi -yaa ergamaa- nama Rabbirraa sigaafate: inni Rabbii tokkicha, gooftummaafii gabbarummaan kophaa taheedha. Gabbaramaan haqaa isa malee hinjiru.

{Rabbiinirkoodha} inni Rabbi kan sifa isaa keessatti guutuu tahe. Kan uumamtoonni hundi haajaa isaaniitiif itti fuulleffataniha. Inni irraa duroomuun wajji.

{Hindhalle hindhalannes} inni Rabbi ikan ilmoo dhiiraaf dhalaas hinqabne. Hindhalannee abbaafii haadhas hinqabu.

{Tokkolleen isaaf fakkaataa hintaane} uumaa isaarraa kan isa fakkaatu hinjiru. Zaata isaa keessatti, sifaata isaa keessatti, maqaalee isaa keessattiifi hojiilee isaa keessatti fakkaataa hinqabu.




Surraa falaq (Qul a'uuzu birabbilfalaq)

Hiikkaa suuraa:

{Jedhi Rabbii bariitittin maganfadhha} -yaa ergamaa- jedhi Rabbii bariisaatiin ganamfadha. Falaq jechuun bariisaa ganamaati.

{Hamtuu waan inni uumeerraa} hamtuu uumamtoota hundaa tan agarruufii tan hinagarres isatti maganfanna.

{Hamtuu halkanii yeroo dukkana isaatiin dhufe} hamtuu halkaniirraa sitti maganfadhha yeroo dukkaafii hamtuu isa keessatti taateen dhufe.



Falaq barii
ganamaati.



Gasaq dukkana
hamtuu halkaniiti.

{Hamtuu isheewwan guduunfaalee keessatti afuufuu irraayis} hamtuu falfaltoota hojii sihirii guduunfitee keessatti afuufuturaa sitti maganfanna.

{Hamtuu waanyarraa yeroo inni waanye} hamtuu waanyaa qananiin nama inni waanyeraa akka deemtu barbaadu irraa sitti maganfadha.

Suura naas (Qul a'uuzu birabbinnaas)

Hiikaa suuraa:

{Jedhi Rabbii namaatittin maganfadha} jedhi - ati yaa ergamaa- nintiiyfama nin maganfadha Allaah gooyta ilma namaa tahettikan inniqoftiin waahunda dandayu.

{Mootii namaa} mootii ilmaan namaa hundaa. Kan hojii isaanii hunda taligu.


{Gooftaa namaa} gooftaa ilmaan namaa hundaa. Kan haqaan gabbaramaan isa malee hinjirre.

{Hamtuu hasaassii dhokataa irraa}

Rakkoo sheyxaana yeroo isaan zikrii Rabbii dagatan isaan waswaasu kan yeroo Rabbi faarsan isaanirraa fagaatuurraa Rabbitti maganfadha.

{Kan qomoota namaa keessatti waswaasu} kan yaada hamaa qoma namaa keessa facaasu. Kan sammuuufii miira isaaniitiin taphatu.

{Jinniifi namaarraayis} sheyxaana jinniitiifi namaarraayis Rabbitti maganfadha.



Suuraa kaafiruun (Qul yaa ayyuhal kaafiruun)

Hiikkaa suuraa:

{Jedhi isin yaa kaafirtoota}

Jedhi -yaa ergamaa- warra Rabbiifii ergamaa isaatti kafaareen: isin yaa kaafirtoota

{Waan isin gabbartan ani hingabbaru}

Tabotaafii gabbaramtoota dharaa ka nisin gabbartan ani hingabbaru.

{Isinis waan ani gabbaru hingabbartan}

Isinis Rabbii tokkicha haqaa kan ani gabbaru hingabbartan.

{Anis waan isin gabbartan gabbaraa miti}.


Ani gabbaramtoota dharaa tan isin gabbartan hingabbaru.

{Isinis waan ani gabbaru hingabbartan}

Isinis Rabbii tokkicha haqaa kan ani gabbaru hingabbartan.

{Isiniif amantii keessantu isiniif tahe, anaaf amantii kiyyaatu naaf tahe}.

Isiniif diin qabattantu isiniif jira. Anaafis diin kiyya kan qabadheetu naaf tahe.



Kaafirri: kan tawhiida
raga bahu dide, kan
ergaa nabi Muhammad
hordofuu dide.

Mariyadhu

Suuraan ikhlaasiifii kaafiruun qabxii maalirratti xiyyeefatti?



.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

Suuraa kawsar


Hiikkaa suuraa:

{Nuti Kawsar siif kennine} ati yaa ergamaa nuti kheyrii hedduu lakkaawamtee hindhumne aduniyaafii akhirattis siif kennine. San keessa laga Kawsar kan jannata keessatti tahee.

{Rabbii keetiif salaati isaaf qali} salaata keetiifi qaliinsa keetis Rabbuma qofaaf qulqulleessi. Isuma tokkicha shariika hinqabne gabbari. Maquma isaa qofaan gorra'i. kabajaafii toltuu inni siif kennerratti galata isaa galchuuf jecha.

{Kan sijibbu isumaatu murquudha (kan qacceed cite).

Kan sijibbu ka sinjaalanne diin dhugaa kan ati fidde jibbu isaatu xiqqaataadha, kan qacceed cite kan kheyrii hunda dhabe.



Shaani'aka: kan sijibbu
kan diin ati ittiin dhufte
jibbu.


Suuraa asrii

Hiikkaa suuraa:

{Yerotti kakadhe} Rabbiin yeroon kakate zamana isa keessa sossooni ilma namaa toltuufii hamtuunis argamtuun kakate.

{Ilmi namaa hoongoo keessatti jira}. Namni kasaaraafii hoongoo keessatti tahe.

{Warren amanan malee, kan gaggaarii hojjataniifi, dhugaa waliif dhaamaniifi, obsa waliif dhaaman malee}. Warra Rabbitti amananii gaggaarii hojjatanhaqa qabachuu waliif dhaaman, irratti obsuu waliif dhaaman malee.



Uf gamaagamuu

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
1	Qur'aanni maal akka tahe ibsuu dandeessaa?				
2	Hariiroo qur'aanaafii jiruu jidduu jirtu hubattee?				
3	Rabbiin maaliif akka seenaa nabiiyyoota qur'aana keessatti odeesse beeyta?				
4	Hiikkaa waliigala suuraa faatihaa nibeeyta?				
5	Hiikkaa waliigala suuraa ikhlaas nibeeyta?				
6	Hiikkaa waliigala suuraa falaq nibeeyta?				
7	Hiikkaa waliigala suuraa naas nibeeyta?				
8	Hiikkaa waliigala suuraa kaafiguun nibeeyta?				
9	Hiikkaa waliigala suuraa kawsar nibeeyta?				
10	Hiikkaa waliigala suuraa asri nibeeyta?				
11	Suuraa faatihaa sirritti qara'uu dandeessaa?				
12	Suuraa faatihaa haffazdee?				
13	Suuraa ikhlaas sirritti qara'uu dandeessaa?				

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
14	Suura ikhlaas haffazdee?				
15	Suura falaq sirritti qara'uu dandeessaa?				
16	Suura falaq haffazdee?				
17	Suura naas sirritti qara'uu dandeessaa?				
18	Suura naas haffazdee?				
19	Suura kaafiruun sirritti qara'uu dandeessaa?				
20	Suura kaafiruun haffazdee?				
21	Suura kawsar sirritti qara'uu dandeessaa?				
22	Suura kawsar haffazdee?				
23	Suura asri sirritti qara'uu dandeessaa?				
24	Suura asrii haffazdee?				
25	Seeraalee baratte tana hiikkaa isii hubattee?				



Kutaa saddaffaa

Ibaadaalee



Barnoota kutaa

- 1 Gabbartii Rabbii
- 2 Xahaaraa (qulqullina)
- 3 Wuduu'aa
- 4 Qama dhiqachuu
- 5 Seera dubartii muslimaa
- 6 Salaata
- 7 Zakaa
- 8 Soomana
- 9 Hajjii





Barnoota 1ffaa

Gabbartii Rabbii

Duree

Muslimni jiruu isaa keessatti ibaadaa Rabbii isaattiin dhihaatu hedduu hojjata. Ibaadaan tani Rabbii ufgadi qabuufii isuma qofaaf ajajamuudhaaf taate. Hanguma qalbiin Rabbiin kabajje faanni isaa ibaadaa isaa keessatti mul'ata. Muslimni dhugaa jiruu isaa guutuu kanneen akka hojii, hirriiba, tapha fii kkf Rabbiif jecha godha. Ajaja Rabbii hordofuuf **"jedhi salaanni kiyya qaliinsi kiyya, jiruun tiyyaafii duuti tiyya- Rabbii gooftaa aalamaatiif taate- inni shariika hinqabu. Kanattin ajajame ani dura muslimaati"** an'aam 162-163

Barnoota kana keessatti hiikkaa ibaadaati baranna gosa isii, ulaagaa isiitiifi sadarkaa isii baranna.

Hiikkaa ibaadaa

Ibaadaa (gabbartii) jechuun hojiilee akka muslimni isattiin dhihaatuuf Rabbiin ajajeedha. Isiin hojiifi jechoota Rabbiin jaalau. Nu'attuu akka ibaadaa qaamaa tan akka salaataafii hajjii taatuu, tan mul'anne tan akka ibaadaa qalbii akka Rabbi jaalachuu, isa sodaachuu isa kajeeluufii kkf dha. Gabrichi niyyaa bareedaa qabaachuun aadaa gara ibaadaa jijjiiruu dandiya. Yoo nyaata, dhugaatiifi hirriiba isaa irratti ibaadaa Rabbiirratti jajjabaachuu niyyate ibaadaa isaaf taati.

Gosa ibaadaa

Ibaadaan gosa heddutti qoodamti:



Tan muslimni qalbii isaatiin hojjatuudha. Akka Rabbi jaalachuu, sodaachuu, kajeeluufii isaaf ufgadiqabuuti.

Kajeellaa: inni arjummaa Rabbii abdatuufii tola isaa kajeeluudha. Hojjachuufii isarratti irkachuun wajji.



Tan muslimni qama isaatiin hojjatu. Akka salaataa zakaafii hajjii.

Ufgadiqabuu: akkataa lubbuun boqannaa keessatti itti taatu yeroo ibaadaa akka salaataa gaggeessan tasgabbaawuudha. Qaamni caljechuun ibsamti.



Muslimtichi waan Rabbiin dhoowwe dhiisuun Rabbitti dhihaata. Akka farshoo dhuguu dhiisuu, sagaggaalummaa dhiisuu. Yooka garii waan hayyamamee yeroo murtaaye dhiisuun akka nyaataafii dhugaatii guyyaa soomanaa dhiisuuti.

Garsiifannaa: muslimtichi ibaadaa isaa keessatti yeroo hojjatu nama garsiifachuufii akka namni isa faarsu barbaaduu.

Ulaagaa ibaadaan itti qeebalantu

Ibaadaan qeebalamuuf ulaagaa lama barbaachisa:

Kanduraa: Rabbiif qulqulleessuu, ibaadaa Rabbuma qofaaf qulqulleessee shirkiifoo garsiifannaa maletti hojjachuudha.

Lammafaan: seera Rabbii irratti tahuudha. Akka Rabbiin ajajettifii akka nabiin garsiisetti muslimtichi ibaadaa raawwatuu.

Mariyadhu



Namni garsiifatu ikhlaasa dhiisuun maal hoongawa?

.....

.....

.....

.....

.....

.....



Sadarkaalee ibaadaa:

Ibaadaan sadarkaa walcaalu qabdi:

- Isirraa: tan Muslima hundarratti dirqamaattu jira akka salaataa faa.
- Isittaa: tan garii muslimaarratti dirqamaattu jira tan akka zakaa tan dureeyyirratti malee hiyyeeyyirratti dirqama hintaane.
- Isirraa: waan dirqama osoo hintaanee jaalatamtuu taateetu jira: akka zikriifii kadhaa salaata boodaa.



Qormaata

Ibaadaalee asii gadii tana tarree isii fakkaatturra kaayi akka sadarkaa isiin islaama keessatti qabduun.




Muslima hundarratti dirqama:

Muslima garirratti dirqama:

Jaalatamtuu malee dirqamaa miti:



Gabrichi hojii isaa hunda Rabbiif qulqulleessuun fedha Rabbiirratti jiraachuun bu’aa maal akka argatu ibsi?



Hojiin gaariin qeebalamuuf Rabbiif qulqulluu kan seera Rabbiitiin walii galu tahuu qaba.



Barnoota 2ffaa

Xahaaraa (qulqullina)

Duree

Islaamni xahaaraafii qulqullinatti yaame. Muslimni qulqullummaa dhuunfaa isaatti akka yaadu ajaje. Kana mallattoo diin godhe. Ibaadaa hedduu fayyaa tahuu isii xahaaratti rarraade. Isiin haala mu'iminaati. Mallattoo muslimni kan biroorraa adda bahuuni. Barnoota kana keessatti hiikkaa xahaaraa (qulqulluminaa), gosa isii, seera isiin walqabatu baratta.

Hiikkaa xahaaraa:

Xahaaraa (qulqullumina)

Rabbi gabbaruu

Inni hojii ajaja Rabbiitiifi isatti dhihaachuuf jecha dalaguudha.

Hadasa kaasuu

Hadasa jechuun murtii shari'aadhaa dhokataa qama namaarratti argamu, kan sababa isaatiin xahaaraan namarraa deemu.

Najisa ufirraa qulqulleessuu

Isiin waan fokkattuu shari'aan ufirraa kaasuuufii qulqulleessutti ajajje. Akka fincaaniifi udaanii.

Hubannoo dabalataa



Waayee qulqulluminaa dabalataan baruuf kitaaba xahaaraa kan islaamaa qara'i. kan platformii usuul keessa afaan addunyaa hedduun jiru.



QR haxaawii kitaaba gadibuufadhu

Gosa xahaaraa:

Xahaaraan lamatti qoodamti:

Xahaaraa
mul'attuu

Najisa deemsisuufii bakka isii
qulqulleessuu.
Sababaa salaatarraa nama dhoowwitu
deemsisuu, sni qaamarraa bakka
muraasa yookaa hunda dhiqun taha.



Wuduu'a jechuun garii
humnoota qaamaa
bishaaniin dhiqachuu
jechuudha.

Xahaaraan
mul'attuun
wuduu'aan yookaa
qama dhiqachuun
taati

Xahaaraa
keessaaa

Qalbiin shirkirraa, jibbarraa, waanyorraa,
qulqullaawuufii dhukkuboowwan onnee
kanbiroorraayis qulqullaawuudha.
Isiin akkuma xahaaraa qaamaatti
barbaachiftuudha. Inumaa xahaaraan
qaamaa mirkanaawuu hindandeessu yoo
keessi najisa shirkii qabaate. Rabbiin akkana
jedhe: {mushriktoonni najisa} [tawbaa 28]



Dhiqannaa qaamaa
jechuun qama guutuu
dhiqachuudha.



Xahaaraaf bishaan qulqulluu fayyadama. Akka bishaan bahraa, lagaa, haroo fii kanneen
kana fakkaatan bishaanoowwan najisni itti hinmakamin hunda.



Mariyadhu



Muslimni qulqulleefachuu irratti jabeesuun, qulqullummaa dhuunfaa jajjabeessuun maalitti qajeelcha?



Deebii sirrii filadhu

1

Xahaaraa jechuun:

- ☐ A. Hadasa deemsisuudha
- ☐ B. Najisa qulqulleessuudha
- ☐ C. Hundinuu deebii

2

Qaama hunda bishaaniin dhiqachuun maal jedhama?

- ☐ A. Wuduu'a
- ☐ B. Dhiqannaa qaamaa
- ☐ C. tayammumma

3

Xahaaraan akka waliigalaatti gosa lama isaanis.

- ☐ A. Xahaaraa gubbaafii keessaa
- ☐ B. Wuduu'aafii tayammuma
- ☐ C. Wuduu'aafii dhiqannaa qaamaa



Barnoota sadaffaa

Wuduu'aa

Duree

Wuduu'ini islaamummaa keessatti sadarkaa guddaa qaba waan salaataan walitti hidhameef jecha. Salaannimmoo ibadaa muslimaa guddoodha. Kanaaf muslimni baratee karaa sirriitti geggeessuu qaba.


Barnoota kana keessatti hiikkaa wuduu'aa baranna, waan wuduu'a dirqamsiisuufii, waan isa diigu, akkaataa sirrii isaa hunda baranna.

Hiikkaa wuduu'aa

Wuduu'ini: fuula harka lameeniifii miila lameen dhiqachu, mataa haxaawudha akkaataa adda taheen.

Waan wuduu'a dirqisiisu

Wanni wuduu'a dirqisiisu waan isiif jecha wuduu'a godhachuun dirqamaa tan wuduu'a malee hojjachuun hintaaneedha. Sunis:



1 Salaata



2 Xawaafa



3 kitaaba qur'aanaa tuquu

Akkamitti wuduu'a godhanna?

Muslimtichi yoo wuduu'atu tarkaanfilee itti aantu tana haa hordofuu.

1

Wuduu'a qalbitti niyyatee bismillaahi jedha.



2




Shacha isaa lameen dhiqata mirga dursee.

3



Bishaan afanitti fuudhee qulqulleessa. Kun lulluuqqii jedhama.

4



Bishaan funyaanitti olfuudhee gadi deebisuun funyaan qulqulleessa.

5



Fuula isaa guutuu dhiqata. Dheerinni isaa bakka rifeensi itti mayrurraa hanga areedaatti. Labbattimmoo gurrarraa hanga gurra kaaniitti.

6



Harka fixa qubaarraa kaasee hanga ciqileetti dhiqata. Mirga dursa bitaa itti aansa.

7



Harka bishaaniin jiisee eegasii mataa isaarra haxaawa. Fuldurarraa kaasee gara duubaatti fixee gara duraatti achi deebisa.

8



Gurra haxaawaa, quba daymaatiin keessa gurraa quba abbagudduun ala gurraa haxaawa.

9



Miila isaa hanga koroncootti dhiqata. Isiin lafee lameen hirpha keessaafii ala asbaatee mul'attuudha. Miila mirgaati dursa.

Heddummina dhiqannaa human qaamaa wuduu'aa:

Beekamaan qaamota wuduu'aa sadi sadi dhiqachuu, matarra haxaawuufii gurra malee isaan tokko tokko qofa.

Dhiqannaa takka qofatti geesifatuunis nitaha. Garuu guutuun isaa sirritti dhiqamuu qaba.

Waan wuduu'a balleessaa:

Wuduu'ini waa afurtu diiga

- Kara lameen jalaatiin waan namaarraa bahe: dhuufuu, fincaan, udaan, maniyyii, fi jiidha fedhiin wajji dhufu.
- Hirriibaafii machiin qalbiin namaarraa deemuu (ufwallaaluu).
- Qama saalaa fedhiin uftuquu hagooggii malee.
- Foongaalaa nyaachuu.

Hubannoo dabalataa

Filima akkaataa wuduu'aa garsiisu kan wirtuun usuul baase kana daawwadhu.



Vidiyoo daawwachuuf paariikoodirra haqi

Mariyadhu



Wantootaa wuduu'a baruufii mirkaneesurratti nama gargaaran lakkaawi.

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

Yoom wuduu'a irra deebi'uun na barbaachisa?

Muslimtichi yoo wuduu'ate wuduu'ini isaa suni nitura hanga wantoonni isa balleessan kanneen dubbataman sun isatti dhufanitti.



Qormaata

Jechoota itti aanu kana bakka isaaniin maltu kaayi:

Fincaan
namarraa bahu

Kitaaba
qur'aanaa tuquu

Hiriba rafuu

Salaata

Ka'ibatti
xawaafuu

Qama saalaa
fedhiin tuquu

Foon gaalaa
nyaachuu

Isiif wuduu'ini dirqama:

Waan wuduu'a balleessaati:

Kopherra haxaawuu:

Namni wuduu'a godhatee kophee isaa uffate yeroo itti deebi'ee wadda'atu osoo kophee hinbaafnetti bakka miila dhiqatu kopherra haxaawuu nidandaya.

Kanaaf seera kanneentu barbaachisa:

- 1**
Kophee xahaararratti uffachuu.
- 2**
Kopheen faanaafii miila dhoosuu.
- 3**
Yeroon irra haxaawu nama dhaabbataaf saa'aa 24 nama karaa deemuuf saa'aa 72 caaluu dhabuu.





Deebii sirrii filadhu:

1

Hojiiwwan wuduu'aa kana dabareen tarreessi:

- a) Mataa haxaawuu ☐
- b) Lulluuqqii ☐
- c) Fuula dhiquu ☐
- d) Gurra haxaawuu ☐
- e) Miila dhiquu ☐
- f) Shanacha dhiquu ☐

2

Ibaadaalee kanneen keessaa kan wuduu'ini
barbaachisuuf kami?

- ☐ a) Salaata
- ☐ b) Soomana
- ☐ c) Kitaaba Qur'aanaa tuquu
- ☐ d) Azaana
- ☐ e) Xawaafa

3

Deebii sirrii filadhu:

Wanni wuduu'a diigu meeqa?

- ☐ 2
- ☐ 3
- ☐ 4

Barnoota
4ffaa

Qaama dhiqachuu

Duree


Yeroo garii salaataaf qama dhiqachuun dirqama taha. Barnoota kana keessatti hiikkaa dhiqannaa, sababaa isa dirqisiisuufii akkaataa isaa baranna.

Hiikkaa dhiqannaa:

Dhiqannaan: qama hunda hadasa ufirraa deemsisuuf bishaaniin dhiqachuudha.

Akkamitti dhiqanna?

Lulluuqiifi funyaanessuun wajji qama hunda bishaaniin dhiqachuun dirqama taha. Muslimtichi yoo kana hojjate hadasa guddarraa qulqullaawe.



Muslimni dhiqannaa guutuu dhiqachuu fedhe akkaataa itti aanu kana hordofuu qaba:

- Haala sadihitti dhiqannaan dirqama taati:

**Maniyyiin fedhiin
namarraa bahu
hirribaanis tahee
dammaqqiin.**

**Qunnamtii saalaa
godhu maniyyiin
bahu bahu
baatus.**

**Dhiinyi baatiifii
dayuumsaa
dubartitti dhufuu.
Dhiinyi irraa
cinnaan dhiqachuun
dirqama.**

Hadasa guddaa deemsisuuf dhiqachutti ajajun naalitti qajeelcha?



Waan namni janaabaa gaburratti dhoowwame:

Namni dhiqannaan dirqama irratti tahe janaabdawaa jedhama. Wantoonni kuni isarratti dhoowwaadha:



1 Salaata



2 Xawaafa ka'ibaa



3 Kitaaba qur'aanaa
tuquufii baachuu



4 Masjida keessa taa'uu




5 Qur'aana qara'uu

Tayammuma:

Namni sababaa bishaan dhabuutiif yookaa dhukkubaaf wuduu'aafii dhiqannaa dadhabe tayamuuma bakka buufata.

Akkaataan tayamuuma: qalbitti tayammuma niyyata, dhawaa takka biyyee dhawata. Eegasii fuulaafii harka isaarra haxaawa.



Eega tayamuma godhe yoo bishaan argadhe?

Muslimtichi yoo bishaan argate yookaa fayyadamutti dandaye taymuumni isaa nibada, wuduu'aafii dhiqannaan dirqama taha.



Gaaffiiwwan madaallii

1

Dhiqannaa gutuu akka tahu bishaan qama hunda waliingayuu qaba.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Manniyyiin dammaqitti yoonamarraa bahe malee kan hirribaa dhiqannaa hindirqisiisu.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Janaabdawaan masjiida keessa taa'uun hinhayyamamu.

☐ Dhugaa ☐ Soba

2

Taymuumni yoom barbaachisa?

- ☐ A- Bishaanitti fayyadamuu dadhabe
- ☐ B- Bishaan dhabe
- ☐ C- Hundinuu deebii

Barnoota 5ffaa

Seera dubartii muslimaa

Duree

Rabbiin dubartii wantoota adda addaatiin dhiirarraa kophaa baase. Kanaaf ibaadaa dhiraarra hinjirre kophaa isiif keenne. Barnoota kana keessatti waan dubartii laallatu baranna.

Sadarkaa dubartii islaama keessatti:

Fakkiilee islaamummaan dubartii kabajuu keessatti

- Islaamumman dubartiif haqa dhaalmayaa kenne qooda sirrii kan haqa taheen, bakka garitti dhiiraaf dubartii walqixxeesse, bakka garitti qoonni isaanii waldhaba, akkuma firummaa walittidhiatuufii baasii isii laallatuun.
- Dhiiraafii dubartii waa heddutti walqixxeesse san keessaa hojmaata qabeenyaa hunda.
- Bilisummaa jaarsa filachuu kenneef.
- Maqaa isiitiifii kabajaa abbaa isiitti irkifamuu isiif hanbise heeruma isii boodas kan hinjirjiirmne. Abbaa isiitiifii gosa isiitti irkifamtee hafti.
- Nama dhiiraarratti isii kunuunsuufii masruufuu dirqama godhe osoo galata hinbarbaannetti. Yoo nama masruufuun dirqama tahe taate akka jaartii, haadhafii intalaa.
- Dubartii dadhabduu tajaajiluun sadarkaafii caalmaya qabaachuu cimsee hime. Tan nama tokko hinqabne. Osoo firallee tahuubaattee. Isii gargaarurratti kaase. Kana Rabbi biratti hojii jaalatamaa taasise.

Hubannoo dabalataa



Cilippi kana kan sadarkaa dubartii islaamummaafii amantaa biro keessatti walcinaa qabee garsiisu daawwadhu



Vidiyoo daawwachuuf paariikoodii haqi.

Hariiroo dubartiin dhiiraan wajji qabdu:

Hariiroon dubartiin dhiiraan wajji qabdu 3tti qoodama:

Dubartittiin jaartii isaa tahuu	Fira isaa tahuu:	Dubartii ajnabii (alagaa) tahuu
Isaan lameeniif waan nama birootiif hin hayyamamnet hayyamama. Wal ilaaluu walitti qanani'uu. Rabbiin jaarsa uffata jaartii, jaartiinis uffata jaarsaa jedheeti moggaase. Kuni walitti maxxanuu isaanii qaamaan, lubbuun, miiraafii jaalalaan walitti makamuu isaaniiti ibsa.	Fira jechuun intala inni fuudhuun isarratti haram tahe jechuudha akka: haadhaa, obboleettii, intala obboleettii, intala obboleessaa, obboleettii abbaa, obboleettii haadhaa, haadha jaartiiti. Jarri kuni hijaaba malee fira isaani duratti bahu nidandayan.	Alagaa (ajnabii) jechuun dubartii fira isaa hintahin hunda jechuudha. Aanaa isaarraa taatus tan akka intala adeeraa intala adaadaa, jaartii obboleessaa, anaa gosaa tatus, yookaa alagaa fagoo taatus. Kanaafa shari'aan seera beekamaa lafa keesse akka hijaabni dirqama tahuu, akka wajji kophaa bahu dhabuu.

Hijaaba (hagooggii) dubartii muslimaa:

Rabbiin hagooggii dhiira osoo hintahin dubartii qofarratti dirqama godhe. Waan jaalalaafii nama hawatiinsa isii keessa kaayeef jecha. Kanaan nama dhiiraatiif qormaata taate, hanga dhiirti isiif qormaata taate caalaa. Hagooggii Kanaan qama isii hunda akka dhooyistu ajajamte dhiira alagaarraa. Seera afur eeggattee uffata bifa feete uffachuu dandeessi.

1

Kanqaama hunda hagoogu tahuu.

2

Bal'aa dhiphatee human qaamaa hinmul'isne tahuu.

3


Haphii qaam jala jiru mul'isu tahuu dhabuu.

4

Ufi isaatii bareechifannaa (geexii) tahuu dhabuu.

Gose dhiiga dubartii:

Dhiiga gosa lamaatu dubartitti dhufa.



Seera heydiifii nifaasii:

Rabbiin seera heddoo isaaniif kaaye san keessaa:

- Salaata Rabbiin irraa dhiise. Yeroo heeydiifii nifaasii salaatuun irra hinjiru, boodallee qadaa hinbaasan (hinkafalan).
- Soomana dhiisuu: yeroo kana soomuun isaan irraa hinbarbaachisu. Garuu soomana Ramadaanaa yeroo biro kafalan.
- Qunnamtiin saalaa dhoowwaadha. Dhiga kanneen keessatti hanga qulqullooyte dhiqattutti jaarsi qunnamtii jaartii isaatti godhurraa dhoowwame. Wajji tattaphachuun nitaha.
- Qama dhiqachuu, yeroo dhiinyi dhaabbate qama dhiqachuun dirqama.

Hubannoo dabalataa

Akka itti islaamummaan dubartii kabaje beekuuf kitaaba {dubartii gaaddisa islaamaa jalatti} jedhu dubbisi. Platformii usul keessatt afaan hedduun argama.



Paariikoodii haxaayi kitaaba buufachuuf.

Mariyadhu

Dirqamoonni shari'aa gariin dubartirraa buufamuu keessaa ogummaa jirtu ibsi?

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....



Gaaffiiwwan madaallii

1

Islaamummaan dhirarratti dubartii akka masruufii akka galata irraa hineegganne dirqama godhe.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Hagooggiin bal'aa tahuun dirqamaa miti.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Dubartiin heydoytuun yeroo xahaaratte osoo hinsalaanne dhiqachuu qabdi.

☐ Dhugaa ☐ Soba

Heydiin dhiiga yeroo dayuumsaa dubartitti dhufuudha.

☐ Dhugaa ☐ Soba

2

Dubartiin qama isii hunda ____ irraa sattaruu qabdi.

- ☐ A- Dubartii biraa
☐ B- Dhiira alagaa
☐ C- Abbaa jaarsaa

Dubartii heydiifii nifaasiirratti yeroo xahaaratte ____ qadaa kafaluun dirqama.

- ☐ A- Salaata
☐ B- Soomana
☐ C- Hunda



**Barnoota
jahaffaa**

Salaata

Duree

Salaanni irraa guddaa seera islaamaa kan muslimni baruuniifii hojjachuun dirqamaati. Ergamaan Rabbii akkamitti akka Rabbiin jaalatutti isii gaggeesinu nubarsiiseera. Barnoota kana keessatti salaata waajibaa (dirqamaa) baranna. Sadarkaa isii, ulaagaa isiitiifii akkaataa sirritti itti gaggeeffamtus nibaranna.

Salaanni maali?

Salaanni ibaadaa guyyarraa muslimni gaggeessu tan jechootaafii hojiilerraa taate guyyarraa yeroo shan gaggeessu ittiin Rabbitti dhihaatahi.

Salaanni utubaa 2ffaa islaamaati.

Sadarkaa salaataa:

Salaannii sadarkaalee addaa hedduu qabdi san keessaa:

- Ruga lammaffaa eega shahaadaa lameeniitii.
- Ibaadaa akkaata hundatti dirqamaati. Yeroo Fayyaa, dhukkubaa, nageenya, soda hunda keessatti dirqama.
- Ibaadaa muslimni isiin kaafirraa adda bahu.

Maaliif salaanna?

Nisalaanna waan isiin ibaadaa Rabbiin muslimtootarratti dirqama godhe taateef.

Hikmaafii faaydaalee salaataa:

Hariiroo gabrichaafii Rabbii isaa jedduuti.

Lubbuu hiraar duniyaarraa boqachiifti.

Hamileefii onnee muslimaa jajjabeessiti.

Amala nama tolchiti, badirra nama fageessiti.



Ulaagaa salaataa


Salaata guutuuf ulaagaaleetu barbaachisa isiinis:

- Qulqullina: qaamni uffataafii afanni najisarraa xahaara tahuu. Hadasa wuduu'aan yookaa dhiqannaan uffirraa deemsisuu.
- Ufataan qama saalaa dhooyyuu: qama saalaa jechuun waan nama keessatti uffataan dhooyfamuu qabuudha. Awraan dhiiraa tan uwwisuun dirqamaa handhuuraafii jilba jedduudha. Awraan dubartii tan salaataaf hagoogamuu qabdu qama isii hunda fuulaafii shanacha harkaa malee.
- Qiblatti garagaluu: inni kallatii ka'ibaadhaati makka keessatti argama. Namni salaataa fuulan isatti garagaluu qaba.
- Yeroon salaataa seenuu: Salaanni yeroon isii seentu malee hintaatu. Yeroo isiirraa booda aansuunis dhoowwaadha. Dura yeroo isiitti gaggeessuutu caala.

Hubannoo dabalataa



Kilippi vidiyoo kan akkaataa salaataa ibsu kana daa'iwadhu



Viidiyoo daawwachuuf paariikoodii banadhu

Salaata shanan:

Rabbiin gabroottan isaa halkanii guyyaa keessatti salaata shan akka salaatan ajaje. Isiinis:

Salaata	Durri yeroo isii	Yeroon dhuma	Hedduminni raka'aa isii
Fajrii	Fajriin bahu	Aduun bahu	2
Zurii	Aduun gara dhihaa jallatuu	Gaddisni waan isaatiin qixxaatuu	4
Asrii	Gaaddisni waan isaatti qixxaatuu	Aduun seenuu	4
Magriibaa	Aduun seenuu	Diiminni deemuu	3
Ishaa	Diimninni dhihaa deemuu	Walakkaa halkanii	4

Akkammitti salaanna?


Muslimni yeroo salaataa akka itti aanu kanatti taha.

1 Niyyaa salaataa qalbitti qabata.

2 Qiblatti garagalee dhaabbata. Harka hanga ceekuutti yookaa gurraatti olkaasee "Allaahu akbar" jedha.

3

Harka mirgaa kanbitaa gubbaa godhee. Qomarra kaayatee du'aa'ii bantuus salaataa qara'a. isiin "subhaanaka Allaahumma wabihamdika, watabaaraka ismuka, wata'alaa jadduka, wa laailaaha gayruka" Eegasii "a'uuzu billaahi minashayxaani rrajiim. Bismillaahirraahmaani rrahiim" nijedha. Eegasii faatihaa qara'a. yeroo fixe aamiin jedha. Hiikkaan aamiin jechuu yaa Rabbi kadhaa teenya nuu qeebali jechuudha. Eegasii qur'aanarraa waan beeku qara'a osoo aayata takkallee taatee.



4


Harkaa hanga ceekuu yookaa gurraa ol kaasee Allaahu akbar jedha. Gadi jedhee rukuu'a godha. Harkaan jilba qabata. Mataafii duuyda walitti sirreessa. Rukkuu'a keessatti "subhaana Rabbiyal aziim" yoggu3 jedha.





5

"Sami'allaahu liman hamidahuu" jechaa harka isaa olkaasee rukuu'arraa oljedha. Yeroo oldiriire "Rabbanaa walakal hamdu" jedha.



6

Allaahu akbar jechaa Sujuuda gadi bua. funyaaniifii adda lafakaaya. Kanaan wajji shanacha lameen, jilbaafuu qubbeen miilaa lafa kaaya. "subhaana Rabbiyal a'ilaa" yoggu3 jedha.





7

Allaahu akbar jechaa oljedhee taa'a. faana mirgaa gadidhaabee tan bitarra uftaa'a. harka miilarra gadi diriirsa. Yeroo taa'u "Rabbigfirlii" jedha.




8


Allaahu akbar jedhee akkuma duraatti sujuuda. Wahuma sujuuda duraa keessatti hojjate hojjata.

9

Mataa isaa olkaasee Allaahu akbar jechaa raka'aa 2ffaatiif dhaabbata. Raka'aa 2ffaatis akkuma taduraatti salaata.



10



Sujuuda lammaffaa raka'aa 2ffaa booda akkuma sujuuda lameen jidduu taa'etti taa'a. attahiyytu qara'a. isiin kunoo tana: "Attahiyyaatu lillaahi wassalawaatu waxxayyiibaatu.


Assalaamu Alayka ayyunnabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuhuu. Assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin. Ash hadu allaa ilaaha illallaahu wa ash hadu anna muhammadan abduhuu wa rasuuluhuu." Kun tashahuda duraa jedhama. Ittuma fufee nijedha " Allaahumma salli alaa muhammadin wa alaa aali muhammadi kamaa sallayta alaa ibraahiima wa alaa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid.

Wa baarik alaa muhammadin wa alaa aali muhammadin kamaa baarakta alaa ibraahiima wa alaa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid" salawaata ibraahiimiyyaa jedhamti.

11



Mirgatti mil'atee "assalaamu alaykum warahmatullaah" jedha. bitattis mil'atee akkanuma jedha. Asitti Salaanni isaa xumuramti.



Akkataan kuni yoo salaanni tan raka'aa 2 tan akka fajriifii jum'ah taate. Ammo yoo raka'aa 3 tan akka magriba yookaa raka'aa 4 tan akka zuhrii asriifii ishaa'ii taate eega attahiyyaatu duraa fixe olka'eeti wan hafe akkuma raka'aa duraatti salaatee fixa. Garuu faatihaa booda homaa hinqara'u. Eegasii attahiyyaata akkuma kandurratti taa'a. taa'aa isaatiin lafagayee taa'a. attahiyyatu qa'ra'a salawaata ibraahimiyyas itti dabala, eegasii salaammatee xumura.

Salaata jum'ah:

- Rabbiin muslimtootarratti salaata kophaa guyyaa jum'ah dirqama godhe. Salaata jum'ah jedhamti. Bifa addaatiifii ulaagaa addaa qabdi. Guyya saniif bakka zuhrii buuti.
- Isidhaaf muslimtoonni masgiidatti walitti qabamu. Khaxiibni khuxbaa lama isaanif godha. Eegasii raka'aa lama tan isiikeessa sagalee olfuudhu isaan salaachisa.
- Jum'aaf qama dhiqachuufii ganamaan itti deemuu barbaachisa. Rakkoof malee Irraahafuun hintahu. Namni hindhaqin raka'aa afur zuhrii salaata. Sagalee qaraatii olhinfuudhu.
- Salaanni jum'aah karadeemaafii dubartirratti dirqamaa miti.

Mariyadhu

Hiriyoota keetiin wajji gufuulee salaata yerotti salaatuu Muslima dhoowwitu kaasaa dubbadhaa, akkamitti akka irra tarkaanfatuu dandayus dubbadhaa.



Yaa warra amantan yeroo guyyaa jum'ah keessatti salaataaf lallabame gara ibaadaa Rabbii deemaa gurgurtaa dhiisaa, santu isiniif caala yoo kanbeeytan taatan. (jum'ah 9).



Gaaffiiwwan madaallii

1

Muslimni salaata fardii osoo yeroon isii hingayin salaatuu nidandaya.

- ☐ Dhugaa ☐ Soba

Yeroon salaata fajrii aduunbahutti xumurama.

- ☐ Dhugaa ☐ Soba

2

Ibaadaa lama tanguyyaa jum'aatti kophaa ibsi.

.....

.....

Faanti salaanni shananjiruu guyyaa guyyaa muslimaarratti qabdu maali?

.....

.....

Toora <https://islamicfigh.net> kana daaw'adhuutii murtii nama salaata dhiisee islaamummaa keessatti ibsi.

.....

.....

3

Qaamni salaataarratti namni dhiiraa dhooy-suun dirqama kami?

- ☐ A- Qama hunda fuula harkaafii miila malee.
- ☐ B- Handhuurarraa hanga jilbaa
- ☐ C- Ceekurraa hanga jilbaa

Kallattiin namni salaatu itti gargaluu qabu tami?

- ☐ A- Gara kaabaa
- ☐ B- Gara dhihaa
- ☐ C- Kara ka'ibaa (makkaa)

Namni salaatu sujuuda isaa keessatti maal jedha?

- ☐ A- Subhaana Rabbiyal aziim
- ☐ B- Subhaana Rabbiyal a'ilaa
- ☐ C- Rabbigfir lii



Barnoota torbaffaa

Zakaa

Duree

Durumarraa ilmi namaa dachii tanarratti sadarkaa waldabruu keessatti jiraata. Kuun dureessa qabeenya guddaa qabu kuun hiyyeessa waan nyaatuuhuu hinqabne tahee jira. Kuni karaa jiruu Rabbiin irratti uumeedha. Islaamummaan qabaattotarratti dirqama qabeenya isaaniirraa baasanii rakkataan gargaaran dirqama godhe. Akka muslimni hundi dabalee kennutti ajaje. Galanin kanaa guddaa aduniyaafii akhirattis argatu tahuu ibse. Yeroo akkaataa hundatti rakkataa gargaarurratti kakaase. Beelawaa nyaachisuu, daaraa uwwisutti kakaase. Kuni hundi tokkummaa muslimaa jabeessee akka Rabbiin fedhetti jabaataaniifi. Barnoota kana keessatti waayee zakaa faaydaa, akkaataa isiitiifi qabeenya isiin irraa baafamtu baranna.

Zakaan maali?

Zakaan qabeenya beekamaa durreeyyiin baasanii hiyyeessaan gargaarani. Isiin roga sadaffaa islaamaati.

Hubannoo dabalataa



Kilippi kana daawwadhu bu'aa zakaan hawaasaf qabdurraa dubbataa. Inni qophii wirtuu usuuli.



Vidiyoo daawwachuuf paariikoodii banadhu.

Maaliif zakaa baafna?

Ajaja Rabbii zakaa nurratti dirqama godhee awwaachuuf zakaa baafna.

Icitiifii faaydaa zakaa:

1

Doynummaaraa
lubbuu
qulqulleessuu.

2

Qabeenya
barakachiisuufii
guddisuu.

3

Rakkataafii
haajamaa muslimaa
gargaaruu.

Qabeenyi zakaan irratti dirqama taatu kami?



Ziqayaafii meeta



Maallaqa



Midhaanii khudraalee



Loon beeyladaa

Meeshaan daldalaa:
hunda waan daldalaaf
qophaayetti mana,
dukkaana, konkolaataa,
beeyladaa, kanneen
biroolle.



Meeshaa daldalaa

Beeyladaan: gala,
horii, re'ee.

Maallaqa akkamitti zakaa baafna?

Wagga hijraatti yeroo takka maallaqarraa zakaa baasan. Zakaa kan bahu 2.5%. hiyyeessaafii rakkataaf kennama.



Qormaata

Jechoota bakka isiin malu kaayi (walitti firoomsii).

Ziqayyaafii meeta

Saa'aa harkaa

Maallaqa

Meeshaa manaa

Lukkuu

Re'eef hoolaa

Oorruu appil

Muslimtichi zakaa irraa baasuun dirqama

Zakaan keessa hinjiru

Mariyadhu

Dureeyyiin hundi zakaa baasuu faaydaa isaa maali?

.....

.....

.....

.....

.....



Gaaffiiwwan madaallii

1

Vidiyoo kana daawwadhuu waayee gaaromina zakaan dirqameef haasayi. "Why do muslims pay zakat?"



.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....

2

Muslimtichi zakaam mallaqa isaa baasuun dirqama:

- ☐ A-Umratti yeroo takka
- ☐ B- Waggatti yeroo takka
- ☐ C- Ji'atti yeroo takka

Zakaan maallaqaa hangamtu baafama?

- ☐ A- 25%
- ☐ B- 10%
- ☐ C- 2.5%



Barnoota saddeetaffaa

Soomana

Duree

Soomanii ibaadaa Rabbiin ummata hundarratti dirqama godheedha. Islamaani ajaja Rabbii guutuuf ibaadaa dirqamaa tana raawwata. Barnoota kana keessatti hiikkaa soomanaa waan isa balleessuufii seerota isaa baranna.

Soomanni maali?

Soomanni ibaadaa muslimtichii fajriin bahurraa kaasee hanga aduun seentutti nyaata, dhugaatiifii saal-qunnamtirraa ufqabuu jechuudha.

Soomanni Ramadaanaa roga afreessaa islaamaati.

Maaliif soomanna?

Muslimni ajaja Rabbii raawwachuuf soomana.

Faaydaafii hikmaa soomanaarraa:

- Ibaadaa guddisuufii dilii xiqqeessuun soda Rabbii mirkaneessuu.
- Laalaa beelaa kan hiyyeessa tuqu argee hubachuu.
- Lubbuu isaa fedhii isiirraa bilisoomsuu, isii toohachurratti leenji'uu.



Rabbiin ibaadaa soomanaa ummata muslimaatiifii ummata isaan duraarrattis dirqama godhe. Rabbiin oltahe akkana jedhe

“Yaa warra amantan soomanni isin irratti dirqama godhame akka warra isindurrarrati dirqama godhametti akka Rabbiin sodaattaniif”. (Baqaraa 183)

Wantootaa soomana balleessu:

Namni soomanu waan heddurraa uf eeguu qaba. Sun waan yoo hojjate soomana isaa balleessuudha. Isiinis kunoo tana:

- 1 Nyaataafi dhugaatii, akkasuma lilmee nyaataa fudhachuu.
- 2 Bishaan hormaataa dhangalaasuu qunnamtii saalaatiin tahuu, saniin ala tahu. Qunnamtiin saalaa guyyaa ramadaanaa dilii guddoodha.
- 3 Beekaa ufhaqqisiisuu

Ammoo dubartii wanni soomana isii balleessu:

- 4 Dhiinyii baatiifii dayuumsaa itti dhufuu.

Ji'a Ramadaanaa barakeeffamaa:

Inni ji'a saglaaffaa hijraati. Rabbiin isa keessa qur'aana ergamaa isaa Muhammadirratti buuse.

Rabbiin soomana guyyaa isaatiifii salaata halkan isaa sababaa araaramaa taasise. Rabbiin isa keessa halkan takka tan baatii kumara caaltu kaaye. (leyletulqadri) jedhamti. Namni isii salaataafii zikriin jirachise badii isaa tandabarte isaaf dhiifamti.



Muslimtoonni salaata taraawiihaa ji'a Ramadaanaa keessa salaatan. Sunnaa isaan walittihidhaati. Salaata ishaa'ii booda salaatan.

Ramadaan keessa yoom furuun hayyamama?

Ramadaana keessa furuu Rabbiin nama hedduuf hayyame isaanis:

- 1 Dhukkubsataa soomana hindandeenye.
- 2 Dhulloomaa soomana dadhabe.
- 3 Karaa deemaa yeroo imalarra jiru.
- 4 Heydoytuufii tan ulmaa.
- 5 Ulfooytuufii hoosistuu yoo joollee yookaa lubbuu isiirratti sodaatte.

Yadachiisa soomanaan walqabatu:



- Namni rakkoof soomana fure ramadaana booda qadaa kafala.
- Dhukkubsataan fayyuun isaa hinkajeelamne soomanni irraa bu'a, guyyaa tokkoof hiyyeessa tokko nyaachisa.
- Namni dulloomee soomana dadhabe soomanni irraa bu'a. guyyaa tokkoof miskiina tokko nyaachisa.




Muslimtoonni azaana magribaarratti nyaataanii soomana furu. Hedduun muslimtootaa obboleeyyan isaanii afeeranii waliin wajjiin furan.



Gaaffiwwan madaallii

1

Vidiyoo kana daawwadhu. "Why do Muslims fast Ramadan?" faaydaalee muslimni soomanarraa argatu dubbadhu.



2

Rabbiin soomana dhiisuu (furuu) nama adda addaatiif hayyame garii isaanii himi. Hikmaa isa keessaa ibsi.

3

Muslimni yeroo soomanu kanneenirraa dhoowwamuu qaba.

- ☐ A- Nyaataafii dhugaatii.
- ☐ B- Qunnamtii saalaa
- ☐ C- Hunda

Wanni soomana balleessu meeqa?

- ☐ A- 6.
- ☐ B- 5.
- ☐ C- 4.



Barnoota saglaaffaa

Hajjii

Duree

Hajjiin Hundeelee Islaamaa kheesaa takka. Irra caaltuu hojiilee Muslimni Rabbittiin dhihaaturraahi. Sadarkaa isiin qabdu kheesatti hadiisa hedduutu dhufe. Barnoota khanaa kheesatti waayee sirna khabajamaa khanaa muraasa baranna.

Hajjiin maali?

Hajjiin ibaadaa muslimni dandeettii qabu isiif jecha khara makkaa deemu, Ibaadaalee murtaawan godhuuf waggaa hijraa irra ji'a zulhijjaa kheessa.

Hajjiin Utubaalee islaamaa kheessa utubaa shanaffaadha.

Waggaa hijraa: godaansa ergamaa Rabbii makkarra gama madiinaatti godaanetti akeeka. Khaliifaa umar ibnu khaxxaab(RA) Barri hijraa rasuulaa(SAW) jalqaba lakkofsa taariikha islaama hijraa akka godhamu filate. Barri hijraa ji'a 12 qabdi. Ji'a muharramiin jalqabdee zulhijjaadhaan dhumti. Muslimoonni taateewan yeroo galmeeysan isii fayyadaman.

Muslimni makkatti wanni hajjuuf waamicha Rabbii (SAW) gama mana khabajamaa akka hajjaniif godhe awwaatuufi.

- Nabiyyoota khabajamoo mana Khabajamaa (Makkatti) hajjanitti hidhachuudha. (kharaa isaanii deemuu/sunnaa isaanii dalaguudha)
- Ibaadaadhaan shaakalamuudha, namni hajjii dhaqe guyyaalee murtaawan ibaadaa qofaaf qulqullaahaa tura, ibaadaa takarraa ta biraatti dabra.
- Muslimoota sirna qulqullaawaa kana kabajuuf achi jiraniin wal arguu, Isaaniin wal baruufi riqicha walii galtee jaaruudha.

Hiriyoota kee warra hajjii godhan qoradhu. Yeroo hajji godhan san miirri isaanii akkam akka ture irraa bari.

Hajjiin eenyu irratti dirqama?

Hajjiin jireenya keesatti yeroo tokko muslimtichaa fi muslimtittii kan dandeettii itti qaban irratti dirqama. Namni human qaamaatii fi qabeenyaanis hajjii godhuu dandaye hajjiin irratti dirqama.

Hubachiisa wa'ee hajjiitiin walqabatu



- Muslimni Iddoo dhuunfame (makka khabajamtuu) maleetti, waggaa keessaa yeroo dhuunfame malee hajjii godhuu hin ta'u
- Hajjiin ibaadaalee hanga takka tan muslimni osoo hajjiif hin deemin baratuu qabu if keessatti qataa.



Waggaa mara tuuta muslimootaa biyya addaa addaatii hajjii godhan. Uffata isaanii wal fakkeeffatanii sooreessaa fi hiyyeessa isaanii wanni adda godhu hin jiru.



(whay muslim perform pilgrimage hajj) Video kana hogguu laalte.

Muslimoonnihajjii kan godhan ji'a:

- ☐ A- Ramadaana
- ☐ B- Zulhijjaa
- ☐ C- December

Hajjii godhuun muslimarratti dirqama kan taatu:

- ☐ A- Umrii isaa keessatti yeroo 1
- ☐ B- Umrii isaa keessatti yeroo 2
- ☐ C- Yeroo hajjii godhuu dandahe mara.

Uf gamaagamuu

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
1	Hiikkaa ibaadaa hubattee?				
2	Ulaagaalee ibaadaa himuu ni dandeessaa				
3	Gosoota ibaadaa himuu ni dandeessaa				
4	Hiikkaa xahaaraa hubattee?				
5	Gosoota xahaaraa ni beeytaa?				
6	Akkaataa wudu'aa ibsuu ni dandeessaa?				
7	Wantoonni wudu'a cabsan maal akka tahan ni beeytaa?				
8	Hukmiilee kaalsii irraa haxaawuu ni beeytaa?				
9	Akkaataa dhiqannaa ni beeytaa?				
10	Wantoota dhiqachuu diraqama godhan beeytaa?				
11	Wantoota nama janaabaa qabu irratti hojjachuun haraamii beeytaa?				
12	Gosoota dhiiga dubartiirraa bahanii beeytaa?				
13	Hukmiilee dhiiga dubartee tan barbaachiftuu taatee beeytaa?				
14	Hiikkaa salaataa ni habattaa?				
15	Waan salaannuuf hubattee?				
16	Ulaagaalee salaataa ni beeytaa?				
17	Salaanni shana maalii ni beeytaaa?				
18	Akaataa salaataa beeytaa?				
19	Hukmii salaata juma'aa ni beeytaa?				

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
20	Hiikkaa zakaa hubatuu ni dandeessaa?				
21	Waan zakaa baafnuuf hubattee?				
22	Qabeenya zakaan irratti dirqamaa ni beekhuu ni dandeessaa?				
23	Ulaagaalee zakaa beekuu dandeessaa?				
24	Gosoota warra zakaa haqa godhatee beekuu dandeessaa?				
25	Hiikkaa soomanaa hubaattee?				
26	Maaliif akka soomannu hubachuu ni dandeessaa?				
27	Soomana dirqamaa beekuu dandeessa?				
28	Wantoota soomana balleessan beekuu dandeessa?				
29	Nama raadaana keesa nyaachuu dandahu beekuu dandeessaa?				
30	Hiikkaa hajjii hubattee?				
31	Maaliif akka hajjii goonu hubattee?				
32	Hajjiin eenyurratti akka dirqama taatebeeytaa?				
33	Wudu'a sirrii wadda'achuu ni dandeessaa?				
34	Dhiqannaa sirrii dhiqachuu ni dandeessaa.				
35	Salaata sirritti salaatu ni dandeessaa?				
36	Amrii laaffisiinsa diin islaama siif galee?				



Boqanna 4ffaa

Hukmiilee islaamaa



Barnoota boqonnaa

- 1 Uffata
- 2 Nyaataafii dhugaatii
- 3 Hojmaata diinaggee
- 4 Amala





Barnoota tokkoffa

Uffata

Duree

Uffanni ilmai namaa uffatu qananii rabbiin isatti oolerraahi. Akkuma rabbiin ol aane ja'e: {yaa ilmaan Adam! Uffata qaama saalaa kessan isin haguuguu fi faaya isinirratti buufne, uffata sdaa rabbi isaatu caala, sun mallattoowwan rabbiitirraahi; akka isan yaadataniif (isaaniif himne)} (Al A'raaf:26)

Darsii khana keessatti garii serota uffannaa baranna.

Hundee uffannaa:

Jalqaba uffanni halaali uffatarraa humaa hin dhoorkamu waan qur'aana kabajamaa ykn sunnaa nabii keessatti haraam tahuun isii dhufe malee.

Jalqabarratti sanirraa uffanni halaali, ragaan malee haraam hin godhamu. Uffanni haraam khan asitti dubbatame hundi haraam tahuun isii qur'aana kabajamaa ykn hadiisa nabii keessatti dubbatamte.

Mariyadhu

Watoonni uffannaadhaan galma gahan maal faadha



Four horizontal dotted lines for writing.

Uffata dhoowwamaa:

Rabbiin ufata gosa muraasa haraam godhe, sankeessaa:

- kan qaama saalaa mul'isuu kan hin haguugne.
- Kan saala faallaatti fakkaatuu qabu; akka dhiirri uffata dubartii uffatuu ykn dubartiin uffata dhiiraa uffatuu.
- Waan miira boonaa fi of tuulummaa mullisu.
- Waan qabeenya facaasuu qabu.
- Dhiiri Hariira uffachuu fi warqiin uf faayyuu dhoorkaadha.
- Ufatta kaafirri dhuunfate kan fakkatu uffatuunis dhoowwaadha; fknf uffata qeesotaa fi phaphasoota.

Daangaan saala dhiiraa (qaama isaatiirraa wanni dhoksuun dirqamaa) handhuurarraa hanga jilbaati.

Dubartiin ammoo dhiira alagaa duratti guutuun isii saala. Fira isii kan akka Abbaa, ilma fi obboleessaa ammoo qaama isiitirra waan dubartoota biraa biratti mullistu ni mullisti. Kan akka fuula, rifeensa, ciqilee fi miilaa.

Hiriyoota kee wajji mari'adhu wantoota uffatoota gariin haram akka tahuuf sababa tahan.

Ergamaan Rabbi (SAW) dhiirti akka dubaertootatti fakkaatanii fi dubartoonni akka dhiirrotatti fakkaatan dhoowwan, dhoorkiinsi kun gosa uffataatii fi akkaataa haasawaatillee walitti qabata. Fakkaatiinsi khun dili gurgudoo nama isii hojjatee irraa hin towbatinnitti qixaxa Rabbiitii fi azaaba isaafiddu irraahi.

Islaaamni Dhiirti amalaa fi uffataa fi akkaataan isaa akkaataa dubartii irraa akka tahubarbaada. Dubartiifis akkasuma. Suni uumama (fixraa) qajeeltu fi Sirriiti.



Qormaata

Uffata dhiira qofarratti dhoowwaatii fi tan dubartootaa fi dhiira irratti waliin haraam adda baasi:

Waan saala mullisu kan hin dhookine


Waan saala lameen wal fakkeessu

Waan qabeenya qisaaseeysuu qabu

Waan miira boonaa fi of tuulummaa mullisu

Warqii fi hariira uffachuu

Kuffaaratti fakkaachuu



Mariyadhu



Faashinaa fi Aadaa ykn seerrri heera uffata dhiiraa ykn dhalaaf tahu irraa fudhannu tahuu ni dandayaa?

.....

.....

.....

.....

.....

.....

.....



Gaaffiiwwan madaallii

1

Uffata dhoowwamoo tahan laalii eegasii maaliif akka haraam godhamte itti yaadi.

2

Deebii sirrii filadhu:

■ Warqii uffachuun dhoowwaadha.

- ☐ A- Dhiirairratti
- ☐ B- Dubartoota irratti
- ☐ C- Ijoollee irratti

■ Dhiira irratti dhoorkaadha:

- ☐ A- Suufa uffachuun
- ☐ B- Hariira uffachuun
- ☐ C- Hundi deebiidha

Barnoota 2ffaa

Nyaataafii dhugaatii

Duree

Muslimni nyaataa fi dhugaatiin qananiilee rabbiin itti qanani'erraa tahuu isiitiin laala. galata qananii saniitirraa ibaadaa rabbi irratti ittiin jabaatuun isa tokko. Barnoota kana keessatti seera waa'ee nyaataa fi dhugaatii garii baranna. Akkasumas nyaatowwan haraam kan muslimni irraa fagaachu qabus ni baranna.

Jalqaba nyaataa fi dhugaatii:

Aslitti nyaataafii dhugaatiin halaali, Isaanirraa wanni tokkolleen haraam hin godhamuu waan haraamummaan isaa qur'aanaa fi hadiisakeessatti dubbatame malee.

Rabbiin (SwT) ni ja'e {yaa namoota! Waan dachii keessa jiru irraa halaala gaarii ta'e nyaadhaa} (al baqarah: 168)

Nyaataa fidhugaatiiwwan haraam:

Rabbiin (swt) nyaataafi dhugaatii irraa gosoota garii haraam godhe:

- Farshoo, isiin sammuu namaa deemsisti, Aqlii namaa eeguun maqaasida shari'aa kheessaa isa tokko.
- Hashiishaa, inni qaamaa fi sammuu namaa barbadeessa.
- Beeylada osoo hin gorrama'in du'e ykn waan yeroo qalamu maqaan rabbi irratti hin yaamamin.
- Foon booyyee, inni foonnajisa nyaachuun hin taatu.
- Bineensota foon nyaatan kan akka leencaa fi qerrensaa fi culullee fi risaa.
- Waan gabbaramtoota dharaa kan akka taabotaa itti dhihaatuuf qalaman.

Maqaasida shari'a: barnoota islaamaa keessaa tokko, sanirraa kan beekkamu hikama sharia'aa fi iccitii shari'aa kan akka: maaliif rabbiin seera kana karaa godhe? Murtiin kun maaliif jecha tahe)

Ulaagaaleen gorraasuu akka shari'aattii maalii?

Gorraasuun shari'aanii qalmaya ulaagaalee armaan gadii guuttate:

- 1 Gorra'aan muslima ykn yahuudaa ykn nasaaraa qalmaya beeku kan qalmaya niyyate tahuudha.
- 2 Meeshaan inni fayyadamu tan qalmayaaf taatu tan qara isiitiin dhiiga yaaftu tahuu qabdi fknf akka albee.
- 3 Yeroo qalmayaaf harka isaa sossu maqaa Rabbi yaamee: (Bismillaah) jechuu.
- 4 Waan muruun barbaachisu waan gorra'an san irraa muruudha, inniis: Ujumoo Nyaataa, kokkee fi (jugaris: innis hidda mormaa gurguddaa lameeni) kana hunda muruu ykn kana afran keessaa sadi muruudha.

Bineensota garbaa (bahar) nyaachuu murteen isaa maali?

Bineensota bishaanii kan bishaan keessa male hin jiraanne duutuu isii nyaatuun ni taha. kan akka qurxummii fi shrimp (ruubiyaan) fi kkf. Garba ykn laga ykn haroo keessa jiraattus (nyaatuun ni taha)



Bineensota bosanaa warra foon hin nyaanne al'ooluu fi nyaatuun ni taha. Yeroo al'oolamu san maqaa Rabbi irratti yaamamuu qaba. Yoo fayyaa arge ammoo gorra'uu (maqaa rabbi irratti yaamee)

Seera qalmaya manneen nyaataatii fi gabayaa:

- 1 Waan namni muslimaa fi warri kitaabaa (yahuudaa fi nasaaraa) hin tahin kan akka budistii, warri amantaa hin qabnee fi hinduun gorra'e haraami. Wanni manneen nyaataa fi suuqiiwwaa biyyoota jiraattoonni isii harki guddaan muslima ykn warra kitaabaa hin tahini kana jala gala.
- 2 Waanni muslimnii fi warri kitaabaa akka shari'aatti qale; akka qur'aanni dubbatetti halaali.
- 3 Wanni muslimnii fi warri kitaaba osoo hin qalin karaa akka elektrikaan tuqanii ykn bishanitti dhidhimsanii ajjeesan haraami.
- 4 Aslitti qalmayni warra kitaabaa halaali, foon mana nyaataa fi gabayaa isaanii nyaatuun ni taha, osoo hin nyaatin dua maqaa rabbi irratti yaamuu sirritti jabeysuu wajji. Musimaaf kan irra caalu ammoo foon halaal tahuu isaa sirritti adda baafate malee nyaachuu dhabuudha

Mariyadhu



Hiriyyoota kee wajji agarsiisi websaayitoota interneeta tan nyaata halaal akka biyya tee keessatti argattuuf si gargaartu.



Hukmiin qalmaya gabayaa fi mana nyaataatti gurguramtuu akka abbaa gorra'eetiin wal dhaba.



Gaaffiiwwan madaallii

1

Nyaataa fi dhugaatii haram godhamte xinxaalii waan akka haraam taatu isii godhe itti yaadi.

2

Yaahuudaa ykn nasaaraan yoo gorra'e yoo inni maqaa rabbi irratti hin yaaminis nyaatuun ni taha

☐ Dhugaa ☐ Soba

Waan elektirikaan ajjeefame nyaatuun hin tahu.

☐ Dhugaa ☐ Soba



Barnoota
sadaffaa

Hojmaata diinaggee

Duree


Guddinna diin islaamaarraa jiruu ilma namaa roga hunda qixxisa. San keessaatt hojmaataa namni waliin hojjatu sirreesse. haqa isaanii tiyysee, walmiidhaa dhoowwe. Sankeessaa seera hojmaata diinaggee seere. Barnoota kana keessatti seera diinaggee baranna, gariin isii maaliif akka haraamtaate hubanna.

Hojmaanni faaynaansii maali?

Hojmaata faaynaansii: hojmaata namoonni qabeenya waljijjirani. Qabeenya biroottiin waljijjiiruu akka gurgurtaa tahuu, yoo fayadamaan waljijjiiruu akka kireeysuu tahuu, yooka bilashitti akka kennaa tahuu.

Hundee hojmaata faaynaansii keessatti:

Hundeen hojmaata faaynaansii hayyamamaadha, Waa tokkolleenuu isarraa haraamii miti waan qur'aanaafii hadiisaan haraamummaan isaa dhufe malee.



Bu'urri hojmaataa hojmaata
dinaggees dabalatee
hayyamamaadha.
Ragaan malee haram hinjiru.
Faallaa ibaadaati hundi isii
qajeelfamarratti dhaabbatti.
Ibaadaan ragaan malee hintaatu.


Hojmaata diinaggee dhoowwamaa

Islaamummaan hojmaata diinaggee garii dhoowwaa goote, sankeessaa:

- Haqaan malee qabeenya namaa fudhachuu, akka tooftaan yookaa saaminaan fudhachuu
- Hojmaata namni tokko hinbarbaannerratti dirqisiisuu.
- Waan miidhaa namaa qabu daldaluu. Akka farshoo, hashiisha, sijaaraafii kkf.
- Dhala, inni maallaqa liqeeysanii dabalataan wajji galfachuu. Akka 5% fakkeenyaaf.
- Waan wallallamaa gurguruu kan waan Kanaan hinbeekamne. Akka sanduuqa waan keessa jiru hinbeeynee gurguruu.
- Qumaaraafii kasaaraa tan namni injifate nama injifatamerraa maallaqa nyaatu.

Sababaa hojmannii diinaggee itti dhoowwamu:

Sababaaleen gurguddoo hojmaata diinaggee dhoowwaa gootu kunoo kana:



Mariyadhu



Hojmanni diinaggee muslimni jiruu isaa keessatti hojjatu hedduummachuun wajji akkamitti tan hayyamamtuufii tan dhoowwaa adda baafata?



Qormaata

Jechoota kana akkaataa walitti hidhama isiitiin bakka isiin malu kaayi

Farshoo gurguruu

Kubboo

Uffata internet irraa bitatuu

Waan nama miidhu daldaluu

Akka 105 itti dabalee galchuuf namaaf maallaqa liqeysuu

Bishaan dhugaatii gurguruu

Dorgommii dorgomtoonni hundi maallaqa kafalan kan injifataan nyaatu

Hojmaata diinaggee hayyamamaa

Hojmaata diinaggee dhoowwamaa



Dhalti gosa hojmaata diinaggee kan islaamummaan jajjabeessee dhoowwerraayi. Waan rakkoo qabuuf jecha. Dili gurguddoo warra isii hojjate Rabbiin azaaba jajjabaan akeekkachiiserraayi.



Gaaffiiwwan madaallii

1

Hojmaata diinaggee dhoowwame xiinxallii eegasii ogummaa isiin dhoowwamteef hubadhu.

2

Qumaarri yoo gamin lameen itti waltahi nihayyamama.

☐

Dhugaa

☐

Soba

Muslimni yoo haajama tahe dhalaan liqeeffachuu nidandaya.

☐

Dhugaa

☐

Soba



Barnoota afraffaa

Amala

Duree

Islaamummaan hordoftoota isaa amala gaarii qabaachurratti kaase. Nabiin s.a.w. hadiisa heddutti amala gaarirratti qajeelche. Ibaadaa hedduu muslimni hojjatuufii amala gaarii walitti qindeesse. Muslimni amala gaarii qabu aduniyaaf aakhirattis gala guddaa argata.

Barnoota kana keessatti amalligaariin islaama keessatti bakka guddaa qabaachuufii sadarkaa isaa baranna.

Amalli islaama keessatti

- Amalli gaariin islaama keessatti sadarkaa guddaa qaba. inni kaayyoo shari'aa islaamaati. Kaayyoo nabi Muhammad s.a.w. ittiin ergameedha.
- Amalli iimaanaan hidha walitti qaba. Mu'iminni iimaanni isaa guutuu kana mala gaariiqabu.
- Muslimni akkuma salaataaf soomanarratti galata argatu amala gaarirrattis galata argata.

Mariyadhu



Amalli muslimaa kan birootiin wajji akkam tahuu qabdi? Amalli tun waan isaan islaamummarratti murteessantti faana qabdii?


.....

.....

.....

Sadarkaa amala gaarii

- Nabiin s.a.w. irra hedduun waan jannata nama naquu soda Rabbiitiifii amala gaariidha.
- Nabiin tolturraa irra ulfaataan waan miizaana namaa keessa kaayamuu guyyaa qiyaamaa amala gaarii tahuu hime.
- Nabiin s.a.w. mu'imintootarraa guyyaa qiyaamaa namni teysumaan isatti dhihaatu nama amala gaariiti.



Qormaata

Jechoota asii gadii kana bakka isaan maltu kaayi?

Khushuu'a
(ufgadiqabuu)

Fuula musliimaatti
seequu

Kararraa gufuu
kaasuu

Dhugaa

Kajeellaa

Nama gargaaruu

Kheyriratti
walgargaaruu

Amala gaarirraa:

Ibaadaa qalbiirraa:

Iddoowwan amalaa islaama keessatti

Amalli gaariin islaama keessatti iddoo tokko osoo hintaane iddoo hedduu qaba sankeessaa:

- Amala Rabbii wajji akka Rabbi soodaachuu.
- Amala nabiyyiin wajji s.a.w. akka isa jaalachuu, isa kabajuu, namusaan isarraa dubbachuu, yeroo inni dubbatame salawaata irratti buusuu.
- Amala lubbuu ufitiin wajji akka ibaadarratti kakaasuu, jajjabeessanii dilirraa dhoowwu.
- Amala namootaan wajji akka dhugaa, akka amanamuu.
- Amala beyladootaan wajji akka tiisuu dheechisuu, tumuufii miidhuu dhabuu.
- Amala naannoon wajji akka badirraa eeguu, muka dhaabuu, fayyadama isii keessatti qisaasuu dhabuu.

Hubannoo dabalataa



Amala gaarii islaamaafii sadarkaa isaafii faydaa ilma namaatiif qabu baruuf kitaaba “islaamummaan diin nagayaati” jedhu kan platformy usuul keessatti afaan hedduun jiru dubbisi.



Kitaabdicha gadi buufachuuf paarikood irra haxaawi.



Amalli gaariin islaamummaa keessatti nama qofarratti hingabaabbattu hanga beyladootaafii naannoo gayutti qixxifti



Gaaffiiwwan madaallii

1

Vidiyoo kana daawwadhuu akkamitti akka islaamni haajaa lubbuutiifii amalaa nama biratti taheef furmaata kaaye ibsi.

.....

.....

.....

.....

.....



Vidiyoo
daawwachuuf
paariikoodii
haqi.

2

Hadiisa sadarkaa amala gaarii dubbatu ibsi?

.....

.....

.....

.....

.....

3

Amalli gaariin hojmaya namaatiin wajji kophatti gabaabatti.

☐

Dhugaa

☐

Soba

Uf gamaagamuu

	Kaayyoo barnootaa	Sadarkaa gamagamaa			
		Miti	Dadhabaa	Mishaa	Baayyee gaarii
1	Hundee uffataa maal akka tahe ibsuu dandeessaa?				
2	Uffata dhoowwamaa tahe beektee?				
3	Hundeen nyaataafii dhugaatii maal akka tahe beeytee?				
4	Nyaata haram beeytee?				
5	Dhugaatii haram beeytee?				
6	Hundeen hojmaata diinagdee keessatti maal akkataate beeytee?				
7	Hojmaata diinagdee haram tahe beeytee?				
8	Laafinnaafii tolinna diin islaam hubattee?				

Xumura

Xumurarratti Muslima haarawa dhaamsa asiigadii kana goonaaf

- Waayee diin islaamaarraa waan itti haajamu barachurratti bololuu, wabii dhugaa qofa barbaaddachuu, ulamaa'iifii du'aata tahuu kitaaba tahuuwaan dhaggeefatamu yoodaawwatamu tahuu.
- Beekkomsatti hojjachuu. Beekkomsa gaarirraa waan baretti hojjachuun dirqama muslimaati.
- Barnootaafii hojii keessatti dhawaataan dabalachaa deemuu. Barachuu, amala gaarii qabaachuu, ibaadaa raawwachuu yeroo takkatti namni hunda hojjachuu hindandayu. Dhawaataan ida'achaa deema.
- Waan iimaana booressurraa fagaachuu, walfakkeessituu yookaa fedhii lubbuu taatus.
- Yeroo hunda haqatti nuqajeelchi dharaaf dhugaa adda nuufbaasi jedhanii Rabbi kadhachuu.
- Seerri islaamaa dandeytirratti rarra'a. muslimni tan dandayu hojjata, tanhindandeenyetti ufhindirqu.
- Muslimtoota gaggaarii saahibummaan isaanii iimaanaafii qajeelloo namaaf edaatutti saahibuu. Warra jallataa fakkeessituufii fedhii hordofu taa'urraa fagaachuu.

Qormaata xumuraa

Maqaa

Qabxiin
xumuraa:

qabxii /40

A. Gaafilee kana deebii sirrii kenni:

Qabxii 15

1

Rabbiin nama keessa fakkii kam godhe?

☐

Malaaykaa

☐

Sheyxaana

☐

Beyladaa

☐

Hundinuu
deebiidha

2

Jalqabni uumama ilma namaa maal irraayi?

☐

Bishaan

☐

Dhoqqee

☐

Ibidda

☐

Dhagaa

3

Islaamni akka ibsetti horteen ilma namaa abbaa isii ____irraa jalqabde.

☐

Ibraahim

☐

Iisaa

☐

Aadam

☐

Muhammad

4

Ilmi namaa yogguu du'e sadarkaa ____jijjiirama.

☐

Hojiifii
qorannaa

☐

Qorannaafii
galata

☐

Dhabamuufii
baduu

☐

Hundinuu
deebii

5

Rabbiin eega nabi Muhammad ergee amantii tokko malee namarraa hinqeebalu. Inni kami?

☐

Yahuudummaa

☐

Kiristaanummaa

☐

Islaamummaa

☐

Hinduusii

6

Rukniin (utubaaleen) islaamaa meeqa?

☐

3

☐

4

☐

5

☐

6

7

Rabbiin qur'aana keessatti badii hund ani araarama ____ malee.



Ajjeechaa



Hanna



Shirkii



kijiba

8

Takka takkaan harfii qur'aanaa tan muslimni qara'urratti toltuu meeqa argata?



Toltuu takka



Toltuu lama



Toltuu torba



Totuu kudhan

9

Maqaalee qur'aanaa keessaa



Zikri



Furqaan



Kitab



Hundinuu deebii

10

Hiikkaan fakkaataa jecha Rabbii keessaa (tokkolleen isaaf fakkaataa hintaane) maali?



Guutuu



Gabbaramaa



Fakkaataa



Tokkicha

11

Hiikkaan (barraaqa) jecha Rabbii keessatti (Rabbii barraaqaatti kakadhe jedhi) hiikkaan isaa kami?



Dukkana halkanii



Bahiinsa ji'aa



Subhiin bahu



Aduun gara dhihaa jallachuu

12

Hiikkaan (ninmaganfadha) jechuu kan jecha Rabbii (jedhi Rabbii namaattin maganfadh) jedhu keessaa hiikkaan isaa maali?



Nin tiyfama nin eegama



Ningabbara itti dhihaadha



Ninfaarsa nindhaada



Nin ajajama ninmasakama

13

Hiikkaan (hasaasaa dhokataa) jecha Rabbii oltahee keessatti (hamtuu hasaasaa dhokataa irraa) kan jedhu maal jechuudha?



Falfalaa



Waanyaa



Sheyxaana



Kaafira

14

Hiikkaan (kansijibbu) jecha Rabbii (kan sijibbu isaatu qacceed citaadha) maal jechuu?



Kan sinjaalanne



Kasijaalatu



Kasitti amanu



Kasirraa garagalu

15

Ibaadaalee qaamaan hojjatamtu keessaa kami?



Jaalala



Kajeellaa



Salaata



Hundinu deebiidha

B. Jechoota itti aanu kana bakka isaan malu tarreessi

Qabxii 8

Xawaafa

Salaata

Nyaata

Qiblatti garagaluu

Fincaan namarraa bahu

Qama saalaa uwwisuu

Dhuguu

Hirriba

Waan wuduua dirqamsiisu:

Ulaagaalee salaataa:

Waan wuduua balleessu:

Waan soomana balleessu:

C. hojiilee wuduu'aa tanneen tartiibaan tarreessi.

Qabxii 6

Mataa
haxaawuu

Har ciqileen
wajji dhiquu

Fuula dhiquu

Miila dhiquu

Gurra
haxaawuu

Lulluqachuuf
funyaan
qulqulleessuu

1

2

3

4

5

6

D. hojiilee salaataa tana dabareen tarreessi.

Qabxii 6

Faatihaa
qara'uu

Rukuu'a

Takbiiraa
hidhannaa

Salaammatuu

Attahiyyaata
qara'uu

Sujuuda

1

2

3

4

5

6

E. hima sirrii dhugaa jedhi duratti barreessi. Hima sobaa soba jedhii duratti barreessi

Qabxii 5

1. Muslimtoonni hojii hajji ikan gaggeessan ji'a ramadaanaa keessa.

☐

2. Dhiira muslimtootaarratti ziqaya uffachuun dhoowwaadha.

☐

3. Muslimtoonni foon booyyee nyaatuun nihayyamama.

☐

4. Hundeen hojmaya diinaggee keessatti hayyamamaadha.

☐

5. Namni teessumaan guyyaa qiyaamaa nabitti dhihaatuu mu'imintootarra nama amala gaariiti.

☐

Kitaabni kuni wanni inni siif dhiheessu:

1. Ibsa gabaabaa waayee diin islaam, matadureewwan jajjaboo isaa.
2. Ibsa waayee qur'aanaa akka waliigalaatti, tafsiiira suuraalee gabaaboo garii.
3. Ibsa gabaabaa ibaadaalee dirqama tahanii.
4. Ibsa gabaabaa hojiiwwani aadaaleefii naamusootaa islaama keessatti.

Kutaaleen isaa barnoota isa jala jiru karooraan qoodame. Kutaan tokko barnoota guyyaa jahaa ufkeessaa qaba. Barnoonni hundi yeroon isaa ibsamee jira. Kitaabdichi Gochaalee fi shaakala Musliima haaraan odeeffannoo sammuutti qabachuu fi hubachuuf gargaaran hedduu kan of keessatti hammate yoo ta'u, kana malees gaaffilee madaallii dhuma kutaa barnootaa tokkoon tokkoon isaanii irratti dhiyaatan. Barataan hangam akka barnoota hubate akka ufmadaaluuf jecha.



osoulcenter



www.osoulcontent.org.sa

Kitaaba kanaa fi kitaabota biroos
buufadhaa, karaa suuqii Osool

osoulstore.com

